

QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII DUBARTOOTA
IBSUUF OOLAN :HAALA GODINA SHAWAA
LIXAA AANAA AMBOO KEESSATTI

ABABAA LAMMAA JABEESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA(MA)
AFAAN OROMOO BARSII SUUFGAMIISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI
FOOKLOORII KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO
AFAANOTA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII,
YUUNIVERSIITII FINEINNEE

HAGAYYA 2010/2018

FINFINNEE

QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII DUBARTOOTAA
MUL'ISUUF OOLAN GODINA DHIHA SHAWAA AANAA
AMBOO

ABABAA LAMMAA JABEESSAA

WARAQAA QORANNOO DIIGRII LAMMAFFAA(MA)
AFAAN ORMOO BARSII SUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF
DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO,OG-BARRUUF KOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANOOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII

QOPHEESSITTUUN ABABAA LAMMAA
GORSAA: ADDUNYAA BARKEESSAA(PHD)

HAGAYYA 2010/2018
FINFINNEE

Yuunivarsitii Finfinnee
Sagantaa Digiirii Lammaffaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digiirii Lammaffaa (MA) Gamisaan Guttachuuf
Mata duree “ **Qaaccessa Fayyadama Afaanii Dubartoota Mul’isuuf Oolan**”jedhu
Irratti Ababaa Lammaatiin qophaa’ee sadarkaa qorannoo Yuunivarsitii Finfinnee kan guute
ta’uu ni mirkanessina.

Nama Qorannicha Mirkanese:

Qoraa Alaa _____ mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa _____ mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee ykn.walitti qabaa sagantaa Digiirii lammaffaa(MA)

Axereera

Qorannoon kun mata-duree qaacceessa fayyadama afaanii dubartoota mul'isan ooluuf kan jedhu irratti gaggeeffama.kaayyowwan qorannichaa ammo fayyadama afaanii dubartootaa ibsuf oolanu, xinxaluufi fayyadama afaanii dubartootaa gad-aantummaa ibsan addaan baasuu,fayyadama afaani wal-qixxummaa agarsiisan himuufi fayyadama afaanii ga'oomsuuf dubartootaa adda baasanii agarsiisaniidha.kaayyoowwan galmaan ga'uuf malli dhimma itti bahamee akkamtaadha.Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan immoo afgaaffiifi marii gareetiin walitti qabame.Ragaaleen roga garaagarraa irratti meeshaalee armaan olitti ibsamaniin walitti qabaman kunniin mala darbaandabarsaatti fayyadamuun qoqqoodamuun boqonnaa afur jalatti jechaan, fayyadama afaanii gad-aantummaa dubartootaa mul'isan, fayyadama afaanii wal-qixxummaa dubartootaa mul'isanfi fayyadama afaanii dubartoota ga'oomsuun ibsan tartiibaan qaacceffamaniiru.Argannoo kanneen irraa ka'uun yaboo armaan gadii kaa'ameera..Itti fayyadama afaannii gad-aantummaa dubartootaa mul'isan dhabamsiisuuf qaamni dhimmi ilaalatu kamiyyuu irratti hojjachuu akka qabu ,itti fayyadama afaanii wal-qixxummaa dubartootaa ibsanirratti hawaasnis ta'e dubartoonni cimanii hojjachuu akka qaban, dubartoota gahoomsuuirratti qaban kamuu qooda fudhachuu akka qabuufi itti fayyadama afaanii ciimina dubartootaa ibsan caalatti hojjitti hiikuufi warreen gad-aantummaa dubartootaa ibsan dhabamsiisuurratti hawaasa keenya keessatti jijjiramni guddaan akka mul'atuufi dhiibbaa karaa hawaasummaa mul'atuufi xiin sammuu dubartootaa irratti geessisuun mul'atuu dhabamsiisuuf xiyyeeffatame irratti hojjatamu akka qabuufi dubartoonnis, jijjirama amma mul'achaa dhufee keessatti ofitti amanamummaa fudhachuun ,caalatti hirmaachuun kakka'umsa akka taasisan gaaffatti.

Galata

Duraan dursee uumaa waaqa hundaa kan jalqabee fi dhuma hin-qabne kan bakka hundaatti hin-dhabamnee Gooftaa Iyaasus nan galateefadhaa. Itti aansuun jalqaba hanga dhumaatti yeroo ofii aarsaa gochuun nan nuffee otoo hin jedhin gorsa fi sirreeffama barbaachisuu naaf kennuun kan na wajjiin dhama'aa turan barsiisaafi goorsaa koo ta'an Dr.Addunyaa Barkeessaa galataafi kabaja isaaniif qabu guddaa dha.

Akkasumas suuraa garaagaraa fayyadamuun galtee qorannoo kanaa naaf qindeessuun kan nagargaartee mucaa kiyyaa Waaqashii Toleerafi kitaabolee wabii naaf ta'an afaan oromooti naaf jijjiiruun akkan qorannoo kana hojjadhuu najjabeessa ture abbaa warraa koo Barsiisaa yuunivarsitii Amboo kan ta'e Toleera Mardaasaa fi hojii mana keessaa nagargaaruun haamilee natti horan seenaafi soretti Toleera naaf jiraadha jechuun barbaadaa.

Dhuma irratti akkan cimee baradhuufi hojjadhuu na jajjabeessaa ture, yeroo amma addunyaa kana irraa darbee obboleessa kiyyaa Naafii Lammaa waraqaan qorannoo kun yaadannoo haata'u jechaa ta'an hundaafi walumaagalatti namoota odeeffannoo barbachisuu naaf kennaa turan kanneen hunda guddaa galatooma.

Jiibsoo Gabaajee fi Kottoonfachiisa

Jechoonni yookiin gaaleewwan armaan gadiitti tarreeffaman qorannoo kana keessatti bakka garaararaa galainiru. Isaanis, nama kana dubbisuutti gufuu akka hin-taaneeef hiikni isaanii naaonn qorannoon kun gaggeefamanitti qabaniin keennamee jira

| | |
|-----------------------|--|
| Abbommii | biyya tokko keessatti aangoo qabanniin gaggeessuu(bulchuu) |
| Ejjannoo | waan qabatan ykn. Waan itti amanaan tokko irratti murtoo hin-jijjiramnee qabaachuu. |
| Eenyummaa | maalummaa waan tokko ittiin beekamuuf taasifamuu |
| Eenyummaa Dubartootaa | Maalummaa dubartoonni ittin beekamuuf taasifamuu |
| Fayyadama afaanii | akkaataa hawaasni tokkoo dubbii afaaniin yaada itti dabarfatuu |
| Gad-buusuu | xiqqeessuu, gatii itti kennuu dhiisuu |
| Golgaa | akka hin mul'annee taasisuun dhooktuu |
| Koorniyaa | Karaa saa yinsii ittiin ilaalamuu amala(kennaa)dhiira ykn. Dhalaaf Saala umamaan kennamuu dha. |
| Utubaa | |

Gabaajee

| | |
|-----|-----------------------------------|
| ILO | International Labour Organization |
| WHO | World Health Organization |

BAAFATAA

QABIYYEE

FUULA

| | |
|--|-----|
| Axereera..... | i |
| Galata..... | ii |
| Jiibsoo Gabaajee fi Kottoonfachiisa | iii |
| BAAFATAA..... | iv |
| Boqonnaa Tokkoo: Seensa..... | 1 |
| 1.1 Ariirata Qorannichaa | 1 |
| 1.2 Ka’umsa Qorannichaa | 4 |
| 1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa..... | 5 |
| 1.4 Faayidaa Qorannichaa | 6 |
| 1.5 Daangaa Qorannichaa..... | 6 |
| 1.6 Hanqina Qorannichaa | 6 |
| 1.7 Haala Naannoo Qorannichaa | 10 |
| 1.7.1 Aadaa Aanaa Amboo..... | 11 |
| 1.7.2 Dinagdee Aanaa Amboo..... | 11 |
| 1.7.3 Amantii Aanaa Amboo | 11 |
| Boqonnaa Lama: Sakatta’aa Barruu | 13 |
| 2.1 Maalummaa Fayyadama Afaanii | 13 |
| 2.2 Fayyadama Afaanii Koorniyaa Ilaalchisee..... | 13 |
| 2.3 Ijaarsa eenyummaa dhiiraa fi eenyummaa dubartii..... | 15 |
| 2.4 Wantoota gadaantummaafi wal qixxummaa dubartootaa ittiin mul’atuu..... | 17 |
| 2.5 Fayyadama Afaanii Dhimma Hawaasa Keessatti..... | 19 |
| 2.6 Ga’ee Fayyadama afaanii wal qixxummaa Dubartoota ibsuu keesatti | 20 |
| 2.7 Sakatta’a Barruu wal- fakkii..... | 21 |
| 2.8 Yaadidama Qorannoo Fayyadama Afaanii..... | 22 |
| Boqonnaa Sadii: Seensafi Mala Qorannichaa..... | 24 |
| 3.1 Saxaxa Qorannichaa | 24 |

| | |
|---|----|
| 3.2 Mala Qorannichaa..... | 24 |
| 3.3 Madda Ragaalee..... | 25 |
| 3.4 Mala Iddatteessuu | 25 |
| 3.5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee..... | 26 |
| 3.5.1 Af-gaaffii | 26 |
| 3.5.2 Marii Garee..... | 28 |
| 3.6 Mala Qaacceessa Ragaalee | 28 |
| Boqonnaa Afur: Qaacceessafi Ibsa Ragaalee | 29 |
| 4.1 Seensa | 29 |
| 4.2 Fayyadama Afaanii Dubartootaa Mul'isuuf Oola | 29 |
| 4.2.1 Fayyadama Afaanii Gad-aantummaa Dubartoota Mul'isan | 30 |
| 4.2.1.1 Kan Walaallummaa Dubartoota Mul'isan | 30 |
| 4.2.1.2 Kan Dadhabummaa Dubartoota Mul'isan | 32 |
| 4.2.1.3 Dubartoonni biyya bulchuu akka hin dandeenyee Ibsuuf Mul'isan | 34 |
| 4.2.1.4 Qusachuu dhiisuu Dubartoota Mul'isan | 35 |
| 4.2.1.5 Kan Goowwummaa Dubartoota Mul'isan..... | 36 |
| 4.2.2 Fayyadama Afaanii Wal- Qixxummaa Dubartootaa Agarsiisan | 37 |
| 4.2.2.1 Kan Ciimina Dubatoota Mul'isan..... | 37 |
| 4.2.2.2 Kan Hoggansa Dubartootaa Ibsuuf Mul'isan | 38 |
| 4.2.2.3 Hawaasummaa keessatti Ibsuuf Mul'isan | 40 |
| 4.2.2.4 Dubartoota Siyaasa Keessatti Ibsuuf Mul'isan..... | 42 |
| 4.2.2.5 Abshaalummaa Dubartoota mul'isan | 43 |
| 4.2.3 Fayyadama Afaanii Dubartoota Gahoomsuu Keessatti Mul'isan | 45 |
| 4.2.3.1 Barbaachisummaa Dubartoota kan Mul'isan..... | 47 |
| 4.2.3.2. Dubartoota Beektoota Ga'omsuu kan Mul'isan | 49 |
| 4.2.3.3Abashaalummaa Dubartoota Ibsuuf Mul'isan | 51 |
| 4.2.3.4 Kabaja Dubartootaa Ibsuuf Mul'isan..... | 52 |
| 4.2.3.5 Dubartiin Waan Hundaa jechuun Ibsuuf Mul'isan | 54 |

| | |
|---|----|
| Boqonnaa Shan: Cuunfaa Argannoofi Yaboo | 56 |
| 5.1. Cuunfaa Qorannichaa | 56 |
| 5.2. Argannoo Qorannichaa..... | 57 |
| 5.3. Yaboo..... | 57 |
| Wabii..... | 59 |
| Dabalee A Mammaksooaa Fayyadama Afaanai keessatti Argaman_..... | 61 |
| Dabalee B Gaaffilee Af-gaaffiif dhiyaatan_..... | 64 |
| Dabalee C Suuraawwan Af-gaaffiif Dhiyaatan_..... | 71 |
| Dabalee D Gaaffilee Marii gareef Dhiyaatan_..... | 77 |
| Dabalee E Suuraawwan Marii gareef Dhiyaatan_..... | 78 |
| Dabalee F Maqaa Od- kennitoota Af- gaaffiif Dhiyaatan_..... | 80 |

Boqonnaa Tokkoo: Seensa

1.1 Ariirata Qorannichaa

Fayyadama afaanii jechuun afaan iddoo addaddaa dhimmoota hawaasa keessatti dhimma itti bahamuuf tajaajiluu jechu dha. Yaada kana Clark (1996) akka ibseetti, “Language use is very important demanding and decisive in any work.” Akka yaada kana irraa hubanutti fayyadamni afaanii hojii kam keessatti barbaachisaa ta’uufi murteessaa ta’uu irraa hubanna.. Kanaafuu, fayyadamni afaanii afaan irraa hojjatamuu garaagarummaa haala xiinqooqaafi hawaasummaa jiru addaan baasuufi bu’uurarratti xiyyeefachuu qaba. Kana jechuun haala itti fayyadama afaanii hunda addaddummaa hawaasa sababa afaaniin uumamuudha. As irratti garaagarumma kan jedhu namni dubbatu sun gosa addaddaa keessa jiru dubbatu jechudha. Isaan keessa fayyadamni afaanii hawaasa keessatti mul’atan tuffii (gad-aantummaa), kabaja (wal-qixxummaa), ol-kaasuu (ga’omsuu) ibsuuf itti fayyadamni afaanii ittiin adeemsifamuudha.

Fayyadamni afaanii ibsiituu hawaasa ta’uusaa ni-beekama. Kun immoo aadaa, duudhaa, safuu, koorniyaa, eenyummaa saba tokko ittiin ibsachuuf akka fayyadu beekamaa dha. Yaada kana ilaalchisee hayyoonni Coulumas (1997), Labov (1972) waabeeffachuun ibseera, kunis, itti fayyadama afaanii haala sadarkaa hawaasafi amala hawaasa calaqqisaa. Haaluma wal-fakkaatuun itti fayyadama afaanii walitti dufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisudha. Fayyadamni afaanii adeemsa nama dhuunfaafi hawaasa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee itti fayyadama afaanii haala hawaasa keessatti beekumsa gahaa afaanichaa giddu galeeffachuu qaba. Yaada kana ilaalchisee, Halliday (1994:233) yoo ibsu “Language in use as a variety of setting.” jechuun lafa ka’eera. Akka yaada kanaatti namoonni afaaniin haala jireenya isaaniin tajaajila addaddatiif oolu dha. Dhimma kana ilaalchisee, Hudson (1996, 230) yoo ibsu, “ The social functions of language use are the ways of our relationships to other people.” jedha. akka yaada kana irraa hubanutti, afaan tajaajila hawaasa keessatti karaa yaada keenyaa ittiin ibsannuufi waliin cimsanuudha.

Kana irraa kan hubannuu afaan haandhuura ilma namaa ta’uu fi namni miira isa itti dhagahame kan akka jaalala, jibba, gadda, gammachuu, arii, fedhiifi wkf. Afaaniin ibsaata. Yaada kan ilaalchisee, Hodge and Krees (1993:257) yoo ibsan, “Language is to treat as

ideology, action and relational classification of thought and ideas should be taken into consideration.” jedhu. Akka yaada kanaatiis, fayyadamni afaanii namoota yaada garaagaraa qaban karaa giddugaleessaa ta’een walitti fiduun kan wal taasisuu ta’uu hubanna. Yaada kana ilaalchisee Gammachis (2014,10) yoo ibsu, ”Afaaniin gochawwaan sammuu isa guddaa ta’uun waa’ee achi as dhufaatii akka taane, nama tokkotti, akka hawaasatiif, akka aadaatti kan nuti ittiin ibsannudha.” jechuun lafa kaa’eera. akka yaada kana irraa hubannuu, afaan hawaasa giddutti waliigaltee uumuuf gaheen inni qabu daran olaanaa ta’uu isaati..

Fayyadamni afaanii akka addunyaatti dubartinis ta’e dhirri wanoota umamaan raawwatan mirga guutuu kan qabaatan ta’uu beekaan Giddens (1999)yoo ibsu, “Women have the formal right to do the most that aman can do generally men and women believe themselves to be equal with in the shier and personal relationships. jedha .Akka yaada kana irraa hubanutti dudartoonni hojii mana keessa hojjachuuf yeroo qaban ibsa. kun immoo mirga dubartoota irratti dhiibbaa qaba. Haaluma kanaan afaanooni damee addaddaa kan qabaatu yoo ta’eyyuu afaan oromoo damee afaan Kuush keessaa tokkoo tahe dubbattoota baay’ee qaba. Uummanni afaan kana dubbatuu bal’ina lafaa fi baay’ina saba isaatiin sadarkaa olaanaa qaba. Assafaa (2014)yoo ibsu, Afaan Oromoo Afrikaa keessatti afaanoota dubbataman gurguddoo sadan keessaa afaan sadarkaa olaanaatti dubbatamuu dha. Yaada kana irraa kan hubannu, afaanoota Afrikaa keessatti dubbataman keessaa Afaan Oromoo baay’inaan dubbatamuu isaati. Kun immoo afaan fayyadamnu irratti dhiibbaa garaagaraa uumuu nidanda’a. Yaada kana ilaalchisee, Muyskan (2000,)akka ibseetti, “Afaan haala garaagaraattin waan fayyadamuuf wal-makuufi wal-dhibuu isaati.” Namoonni yeroo afaanitti fayyadamani haala tajaajila sana beekuufi dhabuun hubannoofi wal-qunnamtii dhiibbaa geessiisa. Namoonni sadarkaa addaddaa hawaasa keessatti argaman maaliif bifa garaagaraatiin akka dubbatan ,afaan tajaajilummaa hawaasa akka qabu, kennuu, kutaa hawaasa addaddaa biratti ergaa akkamii akka kennuu baruuf immoo gaaffilee haandhuura xiinqooqaa kan ta’an eenyutu, maaliif, haala akkamii keessatti, eessatti akka dubbatamu beekuun barbachisa dha. Yaada kana ilaalchisee, Clark, (1996) ,Fish man (1971) and wolff (2000) yoo ibsan, “ Afaan kallattii ta’ee al-kallattiin jiru fi jireenya dhala namaa afaan irratti ijaarame. Daangaan hubannoo dubbataa afaan tokko murtaa’aa ta’uyyuu afaan wal-mara. Haaluma kanaan hawaasa gosa hojii garaagaratti bobba’ee jiraata. Kanaafuu yeroo kana dubbinis ta’e barreeffamaan wal-qunnamtii taasisa. Wal quunnamtii keessatti dubbiin afaan yeroo sanaa itti tajaajilamu miidhuu ykn. fayyadu

danda'ama jechuun lafa kaa'aniiru.Yaada kana irraa kan hubannu akka sababa faayidaa garaagaraattiif oluu walqunnamtii taasifamuu keessatti tokko miidhuu kaan immoo fayyadu akka danda'u dha.Yaada kana cimsuun Addunyaan(2014 ,3) yoo ibsuu,“Afaan meesha waliiti hidhu,ol-kaasuu,gadi buusuu ,xinneessuu fi guddisuu ,dhoksuufi mul'isuu ibsuun tajaajjii dha.” jechuun lafa kaa'eera.Akka yaada kana irraa hubannutti afaan fayyadama irratti hundagaleesa ta'uu isaa ti. “Afaan itti fyyadamnuu akkaata ittigargaaramnuu beekuufi beekuu dhisuun tajaajjila afaan sanaaf gahaa ta'uufi dhisuun waan murteessuuf hamma dinagdee keenyaa illee ni daangeessa. Kanaafuu, .Haala fayyadama afaanii irratti hundaa'uun Qorannoon kunis,Qaaccessaa Fayyadama Afaanii Dubartooa Mul'isuuf oolan jedhu irratti gaggeessuuf yaadamee dha.Fayyadamni afaanii dubartoota ga'omsuu,wal-qixxeessuu ykn.gad-buusuu keessatti shoorra olaanaa taphata.Yaada kana ilaalchisee,Cooper (1976) akka ibseetti,”Language use is very important,demanding and deaisive in any work.”akka yaada kana irraa hubannuu fayyadamni afaanii hojii kam keessatti barbaachisaa fi murteessaa ta'uu isaa mirkaneessa.kana jechuun haala ittifayyadama afaanii addaddummaa mul'atuu keessatti sababni hawaasa hammatuu dha. Ittifayyadama afaanii keessatti koorniyaalee jiran keessa dubartoota irratti gad-aantummaan mul'atuu fayyadama afaaniin dhufudha.Yaada kana ilaalchisee,Waldaan Dubartoota Seera Itoophiyaatiin kan qophaa'ee (1997 ,2) yoo ibsu,“Waldaan Dubartoota Itoophiyaa kan ogummaa seeraa qaban gaafa dhaabbatee kaasee kan irratti xiyyeeffatee sagantaa garaagaraa qopheessee sochii godhaa ture.

Gaheen hojii isaa tokko aadaa duubatti hafa hubaatti fidan walduraa dubaan hafa akka deeman kan deegaran sagantaa fi seerri akka bahan gahee isaa rawwachuu akkasumas kan bahan yoo jiraatan hawaasa keessatti bal'inaan akka hubataman hojiirra akka oolan sochii biyya duchaa keessatti godhamuu irratti onnedhaan hirmaachisuu dha.Kaayyoon barreeffama kanaas,seerota biyyatii aadaa duubati hafa hubaattii fidan balleessuuf gababsanii hubachisuu dha.” jechuun lafa kaa'eera. Akka yaada kana irraa hubannutti, haala walqixa ta'een seerri bahe sun hojii irra akka oluu qabu ibsu dha.Kunis kan ta'eef dubartoonni hanga ammaattuu baay'inaan hojii mana keessaa waan gaggeesaniif Ameerikaa keessatti UN (2001) “...mendo more paict work outside the home and the women need more opportunities to gain access to the more rewarding kinds of paid work.”Akka yaada kana irraa hubannutti gad-aantummaan dubartoota hojii irratti ennaa ibsuu hojii walfakkaatuu irratti iyyuu kanfaltiin dhiiraa kanfalamuu dubartii irraa kan caaluu ta'u ni hubachisa. Kun immoo mirga dubartoota irratti dhiibbaa qaba ture.

Qorannoon kun kan irratti xiyyeefatuu Fayyadama Afaan Dubartoota Mul'isuuf oolan akkaata itti Naannoo Oroomiyaa Godina Dhiha Shawaa Aanaa Amboo irratti hundaa'uun akkaata fayyadama afaanii maal akka fakkaaatu qaacceessuufi rakkolee gama kanaan mudatan addaan baasuun furmaata barbaaduuf gaggeesamuu dha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Fayyadamni afaanii wal qunnamtii afaanii keessaa tokko ta'e fayyidaalee garaagaraa qaba. Kana malees, jirufi jireenyaa hawaasaa keessatti dhimma inni hin tuqne hin jiru. Hawaasni jiruufi jireenyaa isaa keessatti waan isa mudatee hunda dubbii afaaniin fayyadaamuun yaada qabu ittiin dabarfata. Fayyadanii afaanii hawaasa waliin walitti dhufeenyaa akka qabaatuun waan taasisuuf gaddas ta'e gammachuu, jaalalas ta'e jibba, olkaasuus ta'ee gad-buusuufi wkf, dubbii afaaniin fayyadamee yaada isaa ittiin ibsata. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii dubartoota ibsan ,irra caalaan dubbii afaanii waa'ee wal-qixxummaa ykn. Ga'oomsuu dubartoota mul'atu osoo hin tayiin gad-aantummaa dubartoota ibsantu mul'ata. Addunyaa,(2014)"Afaan itti fayyadamuu akkaataa itti gargaaramnu beekuufi beekuu dhiisuun tajaajila afaan sanaaf gahaa ta'uu dhiisuun waan murteessuuf,... itti fayyadama afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qabu irratti faayidaa guddaa qaba."jedha. Yaada kana irraa kan hubannuu, afaan yeroo fayyadamnuu ,akkaata, bakka, yeroofi eenyuun, akkamitti akka itti dubbanuu addaan baasani beekuun barbachisa akka ta'uu dha. Haalli qabatamaan karaa mootummaa raawwatamaafi dubatamaa jiru kan jajjabessuu dha. Haata'uu malee bifa addaddaatiin dhiibbaan dubartoota irratti mul'atuu jiraachuu ragaan ibsu jira.

,Dubartoonni hawaasa keessatti waan baay'ee dhowamuu, yaada kana ilaalchisee. Dirribii Damisee,(2012,202) yoo ibsu,"Dur Uummanni osoo hin qarroomin hawaasa kan gaggeessaa ture dubartoota ta'uu ...yeroo dheeraa booda aangoo bulchiinsa dubartootaa harka dhiiraa seene, aangoon kun akka harkaa hin baane dubbii afaanii fayyadamuun dubartiin dadhabduufi wallaaltuu akka taateetti waan hunda irraa fageese." jechuun lafa kaa'eera. Yaada kana irraa kan hubannu, fayyadamni afaanii hawaasa tokko ijaaruufi diiguu irratti ergaan dabarsu murteessadha. Kun immoo wantoonni dubartoonni itti hin hirmaannee jiraachuun agarsiisa. Inni kun immoo dubartoota rakkoo garaagaraaf isaan saaxileera. Kunis, dubartoonni jireenya isaanii keessatti dubbiin afaanii kun gad-aantummaa akka itti dhagahamuu taasiseera.. Akkasumas akka ofitti

amanamummaa hin qabane godheera. Dhimmi armaan olitti ibsan kunniin dhimma kana qorattuun akka qorattuuf ka'umsa ta'eef. Qorattooni mata duree kana addaan baasanii gad-aantummaa irratti ykn. Wal qixxummaa irratti qofa xiyyeefachuun qorachuu dhiisuu isaani akka qorattuu kakkaaseera. "Akkasumas, qorattun ijoollummaa irraa kaaste fayyadama afaanii dubartoota ibsan qorachuu fedhiifi hawaasni itti dhimmame dubbii afaanii dubartoota ibsan kana tti dhimma bahuu dhiisuunfi wal-dorgoomsiisuu dhiisuun sababa biraadha. Haaluma kanaan qorattuun fayyadama afaanii haala dubartoota ibsan hawaasni hubachuu qaba laataa? jechuun fayyadama afaanii dubartoota ibsan hawaasarraa funaanachuun qorannoo kan adamsiifte. Kanaaf ,qorannoon kun gaaffilee bu'ura armaan gadii irratti xiyyeeffate. Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuu yaalaa.

- Fayyadamna afaanii keessatti kan gad-aantummaa dubartootaa agarsiisan isan kamii?
- Fayyadama afaanii keessatti kan wal-qixxummaa dubartootaa ibsan kamii?
- Fayyadam afaanii dubartootaa ga'oomsuuf ibsan maal maal fa'i?
- Fayyadamni afaanii gad-aantummaa dubartootaa mul'isan dhiibbaa karaa hawaasummaa fi xiisammuu geessisan maalfa'i?

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Fayyadama Afaanii Dubartoota mul'isuuf oolan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo keessatti mul'atan qaacceessuu dha. Kaayyoon gooreen qarannichaa immoo, akka armaan gaditti dhiyaateera.

- Fayyadamni afaanii keessatti gad-aantummaa dubartoota mul'isan ibsuu ,
- Fayyadama afaanii keessatti wal-qixxummaa dubartoota ibsan addaan baasuu,
- Ergaawwan fayyadamni afaanii oolaantummaa dubartoota ibsan addaan baasanii ibsu.
- Fayyadamni afaanii gad-aantummaa dubartootaa mul'isan keessatti karaa hawaasummaafi xiisammuu geessusuu addaan baasanii ibsu,

1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon haala gaariin hojjatame dhiyaatee tokkoorraa bu'aan argamuu hedduu dha. Qorannoon kun fayyadama afaanii dubartoota mul'isan qacceessuun dhaloota boriif ol-kaa'uun barbaachisa dha. Walumaagalatti qaamni armaan gadii firii kanatti fayyadamuu danda'uu jedhamee amanamaa. Namoota gara fuulduratti mata-duree kana irratti qorannoo gad-fageenyaan gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti ni-gargaara. Hawaasni naannoo keenyaa waajjiraalee dhimma dubartoota qorannichaa dubbisuun bu'a irraa argamun irraa hojii kana caala itti fuffiisuuf akka madda odeeffannoo tajaajilaa jedhamee amanamaa, ilaalchi mootummaafi hawaasa giddu jiru addaddummaa mul'atu haambisuu ,dubartoonni offitti amanamummaa akka qabaataniifi hojii kamiyyuu dhiira qixa hojjachuun akka danda'an mirkaneeffatan taasisu. Olaantummaa dhiiraa xiqqeessuufi dhalataan haaraa qorannoo kana mana kitaabaa keessatti yoo ka'ameef, dubbisuun yeroo durii mirgafi xiinsamuu dubartootaa irratti geessisamaa turee dubbisuunirraa hubachuu, beekumsaafi muuxxannoo akka horataniifi hirmannaa waltajjii garaagaraatti keessatti akka fedhi horatan babbalisani hojjachuuf ka'umsa ta'a jedhamee waan amanamuuf dha.


1.5 Daangaa Qorannichaa


Qorannoon tokko yeroo keename keessatti dhiyeessuuf daangaa qorannoo keenyaa murteessuu qabna. Qorannoo kan milkeessuuf karaa kallattii yaadaatiniis dangeessun barbaachisa dha. Kana jechuunis, Fayyadama Afaanii Dubartoota Mul'isan jedhu kana irratti hundaa'uun , Qorannoon kun Naannoo Oroomiyaa Godina Shawaa dhihaa Aanaa Amboo qofa irratti daangefamee jira. Qorannoon kun haala lamaan daangefama. Kunis, gama mata-duree fi bakka irratti gaggefamuun , gama mataduree, Fayyadamni Afaanii hawaasni Oromoo qabu keessaa dubartoota mul'isuuf ibsan irratti xiyyeeffata. Bakkaan immoo Godina shawaa dhiha Aanaa Amboo daangeefachuun qorannichi adeemsifameera.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kana keessatti hanqinaalee qorattuu mudatan ni-jiru. Isaanis, yeroon qorannoo kana hojii idilee faana waan ta'eef hanqinni yeroo, akkasumas kitaabolee wabii gaha argachuu dhabuu , kana malees, mata duree kana ilaalchisee yeroo ragaa sassabadhuu namoota barbaaduu

yerootti argachuu dhabuu rakkina ibsaa,Intarneetiin dhabamuu fi ragaa kennuu irratti sodaachuu irraa ka'ee deebii guutuu kennuu irraa of qusaachuudha. Haata'uu malee qorattuun hanqinaalee ibsaman kanaaf akka furmaattatti kan fayyadamtee ,yeroo argameetti karooraan fayyadamuun iddattoo ishii filattetti. Dabalataanis ,mata-duree qorannoo kanarratti wajjiraalee dhimma dubartoota irraa odeeffannoo gaha ta'e dhabuu fi mata-duree qorannoo akkasii irratti kan hojjatamedhabamuu isaa fi afaan biraan kan hojjatamee dhabamuu isaatti rakkoo guddaa namudateera.Walimaagalatti abbooti dhimmaafi qaamolee filatamaniif dursa kaayyoo qorannichaa akka hubatan gochuun odeeffannoo kannaa taasistee jirt.





Kaartaa Aanaa Amboo

Madda Ragaa: Aanaa Amboo

1.7 Haala Naannoo Qorannichaa

Aanaan Amboo godina Shawaa Lixaa keessaa tokko. Aanaan Amboo kan hudeefamtee akka maanguddonni dubbatanitti bara mootumma Minilik irraa akka eegaleetti himama. Haata'uu malee ,aanaan kun kan beekamte bara mootummaa Minili II booda.Sababni maqaan naannoo kanaa Amboo jedhamteefis hora magaala Amboo keessatti argamu irra kan ka'e dubbatama.Hora jechuun bishaan dhamdhama soggida kabu jechu dha. Seefuu,(2016) Aanaa Amboo kaabaan aanaa Jalduu, Lixaan Calliyaa, Kibban tokkee kutaayee ,Bahaan Aanaa Ifataan daangeffamtee argamti.Haalli qilleensi ishii jireenyaafis ta'e oomishaaf baay'ee mijooftu dha.Haalli qilleensa aanaa kana Baddaan 00 6,Badda dareen 0074 ,Gammoojjii020 dha.

Baay'inni uummata aanaa kanaa akka ragaan lakk. Manaa fi ummataa bara 1999 ibsuutti, dhirri 55,305, dhalaan 55,491 waliigala 110,796 ture.Kanneen keessa baay'inni ummatamagaala dhirra 34,350 dhalaan35,389 waliigala 69,739ta'u. Jiraattota aanaa keessa qonnaan bultoonni 95,00, daldaalonni 002 hojjattoonni mootummaa 001.5 ta.u.Dinagdeen uummata Aanaa Amboo irra caalaan isaa qonnaa dha. Ummanni hedduun lafa qottuu fi horii horsisuun jiraatu. Gosoonni omishinni baay'inaan aanaa keessatti omishaman xaafii ,boqqolloo ,garbuu, qamadii , baaqelaa ,ataraa, salixaa, nuugii fi k.k.fdh. Galiin aanaa kanaa irra guddaan gasa tokko irratti kan hundaa'ee waan ta'eefis jireenyi ummatichaa harka Ummanni aanaa kana keessa jiraatan irra caalaan saba Oromooti. Latiin ykn. dameen oromoo aanaa kanaa keessa jiraatan hedduun ilmaan Maccaati. Maccaa jechuun uummata baay'ee bal'inaafi heddomina qabu jechuudhaa.Yeroo ammaa kanas Oromo Maccaa Keessattuu Shawaa Lixaa, Shawaa Kibbaa, Kibba Lixaa,Jimmaa,IluuAbbaboora ,wallaggaa Bahaa ,Wallaggaa Lixaa, akkasumas, Wanbaraafi Gojjam keessatti bal'inaan argama.Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo keessatti ilmaan Maccaa keessa tokko ta'e kuttaayyeen dubartoota lama irraa ijoollee torba hore.Kana irraa kan ka'e aanaa Ambootti jarsooliin yammuu kadhatan “ Waaqa turban kuttayee”'jechuun kadhatu.Seefuu, (2016).Aanaan Amboo gandoolee magaalaa sadiifi gandoolee baadiyaa soddonii shan qabdi.Qorrannoon kunis kan xiyyeeffetuu gandoolee baadiyaa sadii irrattidha. ¹

1.7.1 Aadaa Aanaa Amboo

Aadaa uummata tokkoo gochi dhalli namaa adeemsa jirufi jireenyasaa keessatti hojjatamee darbudha. Aadaan hambaa namootaa waggaa dheeraa turanirraa darbaa dhufee kennaa nuuf kennamedha. Hawaasni kamiyyuu yeroofi iddoo addaddaatti aadaa duudhaafi eenyummaa isaa calaqqisisuun hojjatee darb . Akkasumas, Aanaan Amboo aadaa mataa isaa kan ittiin ibsatan hedduu qaba. Kanneen keessaa aadaa fudhaafi heeruma sa tokko. Kunia, kan ittiin fuusisuufi heerumsiiisuu aadaa Araaraa, aadaa Gumaa ,aadaa Ateetee, aadaa umuriin wal-kabajuun waliin jiraatan aanicha keessatti argamaniidha. Akka odeeffannoo maanguddoo Aanaa Amboo irraa argamee gosoota aadaa fudhaafi heeruma haala shanitti(5)qoodanii ilaalu.

Isaanis:Kadhannaa,Sabbat marii,Aseennaa,Ababbaltiifi Butii fa'i.

1.7.2 Dinagdee Aanaa Amboo

Aanaan Amboo oomisha midhaan biilaa, midhaan agadaafi oomisha midhaan zayitaatiin kan beekamtudha. Oomisha qonnaa Aanaa Amboo oomishaman keessaa garbuu, xaafii,qamadii,boqqoolloo,misiingaafi zayitiidhaan alatti Aanaan Amboo oomisha kuduraleefi muduraaleen maqaa gaarii qabdi. Aanaa Amboo qabeenya uumamaa kan akka Albuudoota garaagaraa,bosonaa, laggeen bonafi ganna osoo hin gunee dirrisanii yaa'an hedduu of keessatti qabdi. Qabeenyi bosonaa lafa hek.1.379.10kan ta'u yammuu qabatuu akkasumas laggeen gurguddoo akka Aanaa Ambootti beekamanisbaay'eedha. Isaanis:Hulluqaa,Dabbis,Alaaltuu,laga Awwaaroofti lagaa qaalee fa'i.

Aanaan Amboo bakkeewwan seeronni Sirna Gadaa Oromoo ilmaan Maccaa itti tumamufi lallabamuu kan akka BokkuuCittuu, BokkuuXulee, Ireecha Wacanfi kkf.qabdi. Walumaagalatti,Aanaan Amboo qabeenyaa uumamaatiin baay'ee kan badhaatee waan taateef,raajiidha nama jechisiisa.Qaenyaa uumamaatiin akka fkn. Bishaan Amboo,Dhagaa Sanqallee tajaajila addaddaatiif ooluus umammaaf safuu nama jechisiisan keessa muraasadha.

1.7.3 Amantii Aanaa Amboo

Ummanni Aanaa Amboo keessatti jiraatuu amantii garaagaraatiin akka waaqeeffachuun akka jiraatan ni beekama. Akka waliigalatti baayinni jiru keessaa parsantiin hamma kana hordoofuu

jechuu bannus,Amantaa Waaqeeffannaa,Ortoodooksii,Pirootestaanatii, muusilmaafi joobaa fatu argamu.Isaan kana keessaa uummanni Aanaa Amboo duudhaalee waaqeeffannaa hortee latiinsa Oromoo shaman Maccaa kan ta'an Oromoom Aanaa Amboo ji'a Fulbaanaa yaa Waaqayyoo Ganna bacaqii Gannaa baanee qooqaa birraa arginee jechuun akkasumas,Bona nagaan nubaaftee Roobii dachee qabaneessii,qambariifi sangaa waliin nuuf gahi. Jechuun Irressa buqqifatani malkaafi Tulluutti bahuun kan itti waaqa kadhatan sirna waaqeeffannaa kan mataasaanii qabu.Kana malees,duudhaalee ummanni Aanaa Amboo aadaa wal kabajuu kan maanguddoonni nooruu itti argatu aadaa wal-kabajuqabu.Walumaagalatti ummanni Aanaa Amboo gandoota baadiyaa sooddonii afur(34) fi Magaalaa tokkoo(1) qabdi.Maddi Waajjira fi Turizimii Aanaa Amboo Baadiyaa (2010/2018).

Boqonnaa Lama: Sakatta'aa Barruu

2.1 Maalummaa Fayyadama Afaanii

Boqonnaa kana keessatti Fayyadama Afaanii ilaalchisee hayyoonni dhimmoota ibsan keessatti qorannoo kannaan waliin dhiyyatee jira. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'e Fayyadama Afaanii Dubartootaa Mul'isan Ibsuu ilaalchisee hayyoonni maal akka jedhan as jalatti bal'inaan ibsame jira. Kana malees, yaadiddama qorannoo kun bu'uura godhate boqonnaa kana jalatti dhiyaatee jira. Dabalatanis, qorannowwa hojii kannan walitti dhiyaatan ibsamani jiru.

2.2 Fayyadama Afaanii Koorniyaa Ilaalchisee

Fayyadamni Afaanii Koorniyaa karaa saayinsii ittiin ilaalamu amala (keenna) dhiiraafi dubartootaaf uumaman saala kennamu dhiirri ykn. dhalaa ta'uun addaan baha moggafamefi gochaan mul'atudha. Yaada kana ilaalchisee Butler, (1990) "Theory of Gender performativity that is Gender is not something we are born with...but something we do." jedha. Nama tokko dhiira ykn. Dhalaa jedhanii moggasuun murtee hawaasa bar-maatiileef malee kan uumammaan kenname miti.

Saala addaddaa qabaachuun dhiira ykn. dhalaa jechuun adda baase kaa'uu dha. Saalli dhalootaan waan keennamuuf hin jijjiramu. Kunneen lammaan kun immoo koorniyaa jedhamuun beekama. Saala----- kenna dhalootaa-----jijjiramuu hin dandeenyee. Fkn. dhiirri yoo ulfeessaa danda'uu, dubartiin immoo da'uu dandeessi.. (WHO), "Koorniyaa (gender) wanti jedhamu hawaasa keessatti walitti dhufeenya amala namummaa, ilaalcha amaloota (values) aangoon dhibbaa hawaasumaatiin saala lamaan addaan baasuuf bu'uureefate dha." Kanaaf, koorniyaan karaa hawaasummaa ittiin adda baasuuf gargaaruudha. Saala dhiiraafi dhalaa gidduu jiru dha malee dhiiraaf ykn. dhalaaf kophaatti kenname miti. Akka hiika OXFORD jedhutti, "the fact of being male or female." jechuun lafa ka'a. Akka barmaatilee ta'ee haatiifi abbaan illee ijoollee dhiiraafi dhalaatti yoo dubbatan (taphachisan) addaaddummaa jechoota nimul'ata. Fkn. ijoollee dhiiraaf 'qeersakoo', 'leencakoo', 'gootichakoo' fi kkf. jechuun yoo ittifayyadaman kan warra dhalaa immoo 'sareekoo', 'addureekoo' fikkf. jechuun yoo wal caalchisan ni mul'ata. Yaada kana ilaalchisee Gleason et al, (1994) "Parents use more diminutives (kitty, doggie) when speaking to girls than boys." jedha. koorniyaan karaa barnoota wal-qabataa waan taa'eef jijjiramuu danda'a. fkn.

Saalli lamaanuu barnoota kamiyyuu barachuuu ni-danda’u. Walumaagalatti koorniyaan kennaa namni yeroo dhalatuu waaqa irraa dhiiraykn. dhalaa ta’uun argamudha.

Fayyadamni afaanii dhiibbaa karaa hawaasaatiin irratti mul’atuu akka armaan gaditti dhiyaata.

Ilaalchi koorniyaarratti mul’atu hawaasa keessatti haala garaararaatiin ibsuun ni-danda’ama. Akkuma yeroo dheeraaf mul’achaa dhufeefi ammas mul’achaa jiru dhiirri hogganaa mana keessaa yeroo ta’uufi akka galii fiduutti yeroo yaadamuu ,dubartiin immoo hojii mana keessaa keessattifi guddiftuu ijoollee tahuun yoo fudhatamuu fi yaadamu ni-mul’ata. Kun immoo wal-qixxummaa koorniyaarratti waanti wal-falleessu ni-jira. Kana jechuun, murteessa fi aangoon kan dhiira akka ta’e ni mul’ata. Ilaalchi kun immoo koorniyaarratti dhiibbaa fida. Yaada kana ilaalchisee, Yoomiyyuu, (2015:27) akkas jechuun lafa kaa’eera “.... Yeroo adda addaa gahe ulfaatinaafi ijoo isaan qaban dagatamee dubartoonni rakkoo wal xaxaa dabarsan immoo tokko lama miti, ba’aan fi rakkooleen isaan achitti dabarsan immoo dubartoonni dadhabaa waan ta’aniif osoo hin ta’in loogiin saalaa waan iaan irratti fe’amuuf qofa.” jedha. Yaadni kun akka ibsutti dubartoonni dhiira caala ulfaatinafi dhiibaan hojii akka itti baayachaa jiru fi ilaalchi gara koorniyaa jiru qixa akka hin taane addeessa. Akka walqixxummaa koorniyaatti yoo ilaalamuu kan addaan qooduufi wal-caalchisuu ta’e mul’ata. Addaan qoodinsi koorniyaa (gender discrimination) jechuun tooftaafi haala jibaatiin huda’uun mirga namoota sarbuufi carrawwan addaddaa fi qabeenya irratti wal-caalmaa fidani jiru. Wal-qixxummaa koorniyaa (Gender Equity), “Namni hundinuu dhiiraafi dubartiin dandeetii isaanii guddifachuufi filannoo mara isaanii raawwachuuf bilisafi kan hin-daangefamnee ta’u qaba.” jedhe lafa kaa’eera.

ILO(2000) Kanaafuu ,ilaalchi koorniyaarratti mul’atuu yeroo mara dhiirri akka waan hundaan caaluu fi dursi kan dhiiraa akka ta’eetti fudhacuun itti dhiimma bahaa jira. Fkn. karaa aangoo, karaa mana bulchuu ,bakka humnaa fi kkf. Kana ilaalchisee (Diribii, 2012, 202) yoo ibsu,

“ Dur ummanni hinqaroomni bakka hedduutti kan hawaasa bulchaa turan dubartoota ta’uu isaa . yeroo dheeraa booda dhiibbaa dhiirri akka partitti gurmaa’ee godheen aangoo bulichinsa irraa harka dhiiraa seene. Dhiiris aangoo kun akka harkaa hin baanee humnaan ,fayyadama afaanii kan akka mammaksa, jchama fa’a fayyadamuun dubartoonni akka dadhabduu fi walaaltuutti ilaalamee aangooqaban irraa faggasan.” jechuun lafa kaa’eera. Akka kana irraa hubanutti hawaasni immo sammuu, dubartoota irratti dhiibbaa geessiseera; geesiseejiraas.

Garuu dubartoonni yaada dubbii maddisisuu illee dhiira irraa adda. Fkn.kanaaf ta'uu Afoola Oromoo keessatti bifa mammaksaan ni-dubbatama.'Dubartiin mala hin –dhabdu.'jedhama.Kana jechuun rakko waa uumamamee tokkoof fala barbaaduun kan hiikoo kennitu dubartii ta'uu hawaasa keessatti waan beekamuuf.Ilaalchi namoota muraasa biratti akka ibsu ,'kan dubartiin erge du'a hin soodaatu.'yeroo jedhan nidhagahama.Kun immoo dhiirri ilaalchi gad-aantummaa dubartoottaaf qabu kan mul'isaadha.Yaada kana ilaalchisee,Lakoff, 1975) yoo ibsu,' Women is language was on its ' powerlessness seen as driving from the weak stance or position to women and others.'jechuun lafa ka'a. Dubartoonni akka waan seera umamaa hawaasaatiin dubartoota irratti kaa'amuu godhani fudhatu.dubbii fayyadama afaanii qabnu jedhe kaa'uu kan olaantummaa a dhiiraa calaqqisuuudha.Kanuma wal-qabatee beekaan Penelope(1990)akka jedhutti,

*Ennaa addummaafi gadaantummaan kunis, dubartoota ibsu,
dubbii afaanii irratti dhiirriifi dubartoota qabu ,sababni
Kun ta'eefis ,olaantummaa dhiiraa dubartoota irraa dhiiraa gadii
ta'uun isaanii akka ittifufuuwaan barbaadaniif. jechuu n lafa kaa'a.*

Akka yaada kana irraa hubanuu, dhiirri yaroo mara olaantummaa dubartoota irratti agarsiisuun jraachuu akka barbaaduu ibsa. Kun immoo hawaasa keenya keessatti jijjirama fiduun fayyadama afaanii irratti hojjatamu akka qabu nuhubachisa.

Koorniyaa keessatti sababa fayyadama afaaniitiin tokkoo olkaasuu,kaan immoo gadbuusuun wal-caalchisuun mut'ata waan ta'eef ilaalchi kun irratti xiyyeeffatamuu akka ni hubatama.Walumaagalatti ilaalchi kun aadaa duubatti hafaa waan ta'eef jijjiramni karaa koorniyaa jiru kun cimee hojjatamuufi ilaalchi hawaani duraan qabu akka dhiisuu taasiisudha.

2.3 IJaarsa eenyummaa dhiiraa fi eenyummaa dubartii

Ijaarsi eenyummaa dhiiraafi eenyummaa dubarii akka addunyaatti mul'atu addaan baasanii

beekuun barbachisa dha. Akkuma beekamuu dubartiinfi dhiirri addaddummaa baay'ee qaban, akka ilaalcha hawaasatti dubartiin akka dhiiraatti ciimina hin qabdu,ogummaa addaddaatnis,walhin – gita dhiirri immoo maatii bulchuuf ba'aa guddaa qaba jedhanii amanu.Kun immoo kan irraa madduu hawaasa isaan keessatti guddatan irraayyu ,Karaa biraa immoo addaddummaa dhiiraafi dubartii gidduu jiru, Lakoff (1975),yeroo ibsu, "Dubartoonni hojii isaaniirratti dhiira caala

gammadoo dha.” jedha. Akka yaada kana irraa hubannuu dubartoonni hojii kamiyyuu yoo hojjatan gammachuun akka ta’e irraa hubanna.

Hawaasa keenya keessatti akka mul’achaa tureefi ammas mul’achaa jiru Kunis, ilaalchi koorniyaa irratti ijaarsi eenyummaa dhiiraafi eenyummaa dubartii adda akka ta’eetti fudhatu kunimmoo garaagarummaa yaadaa fida. Kanumarraa ka’uun qorannowwan gaggeeffaman haala dubartoota biyya keenya keessa dadhabaafi gad-bu’aadha jedhanii ibsu. Almaaz;(1991) Mekuria;(2005) Yaada kana irraa kan hubannuu hawaasni ilaalchi dubartootaaf qabu kan dhiira faana qixa akka hin taanedha. Ittfufinsaanis, qoratonni kun yoo ibsan kan warra dhiiraa garuu wayyaqabeessa ta’u eeru. Addaddummaa dhiiraafi dhalaa jiru immoo dinagdee biyyaa midhu ta’uun walnama hingaafachisuu. Almaz;(1991). Akka yaada kana irraa hubannutti, ilaalchi garaagarummaa koorniyaa guddina biyya keessatti rakkoo guddaa uumeera.

Ilaalchi hawaasni koorniyaarratti qaban akka duritti angoon caalmaan fi hojiin ciccimoon akka dhiiraaf laatamee warri fudhatan yoo jiraatan muraasni immoo hojii kamiyyuu dubartoonni hojjachuun danda’uu jechuun kan lafa ka’an ykn, dubbatan nijiru. Yaada kana ilaalchisee, Waldaa Dubartoota Ogeesa Seera Itoophiyaa,(1997,8) akkas jechuun lafa ka’aa. “Dubartoonni dhiiraa gadii ykn, dhiirri dubartii ol kan taasisuu ykn. olaantmmaa tokkof kan kennuu saala hunda gochuun hawaasa keessatti gahe kan murteessan gochoota aadaafi barnoota hambisuuf biyyonni wanta barbachisa ta’e mara gochuuf waliigalaniiru.” Jechuun lafa kaa’eera. Kun immoo ilaalcha dubartoota irra adeemsaan ni jijjiira jechuudha.

Yaada kana ilaalchisee Maanuwaaliin (2008,9) akka ibsutti, “ilaalcha wal-qixxummaa dubartootaa jijjiiruuf hojii jijjirraa ilaalchisee hojjachuun fi hirmannaan dubartootaa akka dabaluu cimoon hojjachuu.” jechuun lafa ka’aa. Yaada kana irraa akka hubanuuti dubartoonni bakka barbachisaa ta’eetti gahe hojii kam yoo keenameef fixaan bahu waan danda’aniif gama mootummaas tahe hawaasaa ilaalchi dubartoonni koorniyaarratti qaban yeroo amma baay’ee foyya’aa kan jiru yoo ta’u darbee darbee naannoo qaroomni hin babbalanneetti dubartoonni akka gad-aanaatti of ilaalan nijiru. Kun immoo adeemsaan kana caalaa irratti hojjatamanii jijjiramni mul’achuu akka qabu xiyyeeffanno itti kennamu qaba.

2.4 Wantootaa gadaantummaa fi wal qixxummaa dubartootaa ittiin mul'atu

Hawaasa keenya keessatti gad-aantummaa fi wal qixxummaa dubartoota irratti maallatto mul'atu nijira. Kunis, Naannoo magaalaa keessatti yoo ilaalee darbee darbee hojii mana keessaa baay'inaa dubartoota irratti ni-mul'ata. Haata'u malee naannoo baadiyaatti hojiin dhamaatii qabu hundi dubartoota irratti bu'aa. Kun immoo dubartoonni wal-qixxummaa koorniyaa keessatti qaban itti mul'atuu osoo hin ta'in of- amansiisuun fudhatani mirga isaanitiif hin carraqaan. karaa biraa dur kaasee adeemaa waan dhufeef mirga qabeenya to'achuu mirga ala ba'uun hojjachuu fi yaada itti dhagahamee ibsachuun fikf. irratti of hirmaachisuun akka hineyamamnetti fudhatu. Sababa kanaan duubatti jiraachaa jiran nijiru.

Maanuwaaliin waa'ee koorniyaa ilaalchisee, yoo ibsu, Ameerikaa biyya qaroomee jedhamu keessatti iyyuu dubartiin hanga bara(1920tti) filatamuufi filachuu hinqabdu ture. Gadaa keessatti filachuus, filatamuus qabdu mirgi isaanii eegamuu qaba.” jechuun lafa ka'aa. Yaada kana irraa akka hubannutti , walqixxummaa dubartoota irratti amma jiru isa dura irraa jijjirama badaa akka hin qabneefi ilaalchi kun gara fuulduraatti sirritti gad fageenyaan xiyyeeffannoo argachuu akka qabu ni hubachiisa. Kanaaf, Afaan niijaaraas; Yaada kana ilaalchisee, Dirribii (2011: 334) yoo ibsu, ” Bulchinsa Gadaa keessatti dubartiin kallattiidhaan filachuufi filatmuuf mirga hin qabdu . Oromoo biratti kallattiin qooda hin fudhatan malee . . . Seenaa addunyaa kana keessatti mirgi dubartii eegamuu jalqabuun isaa dhiyoodha. Fkn. Hawaasni keenyaa akkaataa itti fayyadama afaanii mirga dubartootaa ol-kaasuu ykn. gad buusuu irratti gahee olaanaa akka qabuu taasisuu afaaniitti dhimma bahu. Hirmanaa dubartootaa irratti gad-aantummaa mul'atu afaaniin fayyadamuun wal-qixxummaamul'isuunafaan hojii guddaahojjachuuf gahe guddaa qaba.

Qabatamaan bakkan ani jiraadhutti hojii alaa kan akka lafa qotuu, midhaan dha'uufi kkf. akka ishiin hojjachuu akka hin dandeenyee. Gad-aantummaa fi Walqixxummaa Dubartootaa Ibsuu keessatti gaheen afaan taphatuu dhiiras ta'e dhalaan wantoota baay'ee ummamaan raawwatamuun mirga qaba. Dhiiris ta'ee dhalaan umamaan akka walqixa ta'anitti ilaalu. Kunis, akka walitti dhufeenyaa umamaatti jechuudha. Dhimma kan ilaalchisee, Beekaa Barnoota Saayinsii Hawasaa kan ta'e, Giddens akkas jechuun lafa kaa'eera. Kunis ‘Walitti dhufeenyaa haariroo koorniyaa gidduu jiru miira wal amantaa jarreen koorniyaan lamaanuu wanta waliigalanii hojjataniif lamaan

giddurratti hundaa'uun waan ta'eef dimookiraatawwdha."Akka yaada kana irraa hubannutti waliigalteen koorniyaa hojii hojjatamuuf galmaan ga'uuf guutuu ta'e kenna.

Fayyadamaa afaanii ilaalchisee hayyoonni garaagaraa hiika kennanii jiru. Afaan yoo jedhamuu akkafetteen kan uumamuu, qaamolee dubbii uumanitti fayyadamuudhaan dhalli namaa waliigalteen akka fudhateef akka isaa galutti yaadasaa kan dabarsuu meeshaa waliigalteeti. Afaan ilaalchisee, Addunyaan (2012;1) yoo ibsu

*Afaan waahallee kan ittiin jiraatan, jireenya jiraachuuf immoo
afuura baafachufi yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafachun
lubbuu qabeeyii birootiin kan wal-fakkeessuu yoo ta'u yaaduun garuu,
bakka addaaddaatti afaan kan ittiin yaadaniifi ittiin wal-quuna
maniidha' jechuun ibseera.*

Akka Gammachis, (2017) Yaalaw Waabeefateetti, "Afaan karaa ilmi namaa Wal qunnamtii ittiin adeemsiisuu ta'ee :kan miira isaanitti dhagahamee yaada, fedhi akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsataniidha." jechuun lafa kaa'eera. Akka Gammachis (2017) Yaalaw, Waabeefateetti, "Afaan karaa ilmi namaa wal qunnamti akka yaadni kun ittiin adeemsiisuu ta'ee, kan namonni seera ibsuutti namni haala jirufi jireenyaa isaa keessatti afaaniin fayyadamuun waan isa barbaachisee ittin wal qunnamuu danda'a jechu isaati.

Haaluma kanaan afaan ilaalchisee gad-aatummaas ta'e wal-qixxummaa dubartoota ibsuuf fayyadamni afaanii shoora olaanaa qaba. Cook (2010:85) Akka ibseeetti,

*Language is the center of human life. We use it to express
Our love or our hatred, to achieve our goals and further our area
Artistic satisfaction or simple pleasure. Through language we
Plan our life and remember our past. We exchange ideas and
Experiences, we from social and individual identities.*

Akka yaada kana irraa hubannuu, afaan meeshaalee bu'uura ilma namaa ta'e ilaalchaa jalalaa ykn. jibba, nutti dhagahamee muuxxannoo qabnuu irraa ka'uun kan ittiin ibsannuudha.

Fayyadama afaanii keessaa muraasni qorannoofi qo'annoo dhimmoota hawaasummaa wal-qabatan ifa baasuuf, beekumsa dhokatee sammuu keessaa ifa godhee agarsiisuuf, miira sammuu keessa jiru ifa gochuuf, aadaafi duudhaa hawaasa tokko ifatti baasuuf, siyaasa hawaasa tokko olkaasee dubbachuu fikkf. ibsachuu danda'u dha. Cooper(1976;41) "Applied linguistics is the one of several academic disciplines focusing on how language is acquired and used in the modern words." yaadni kun kan ibsu, Fayyadamni afaanii jechuun naamusa dandeetti afaanii irratti kan xiyyeeffatuu ta'ee akkaataa afaan itti baratamuufi addunyaa hammayyaa'aa ta'ee keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha.

Fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin wal-qabataniif furamaata barbaaduun yaadiddama bu'uura kaa'uudha. Keessattuu rakkoo afaanii barnoota yoo ta'e afaan tokkoffaa , afaanlammaffaa ykn. Afaan alaa baru-barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniif furmaata kaa'uudha. Richard(2008:5). Fakkenyummaan fayyadama afaanii jechuun hawaasni tokko afaan garaagarummaa hojii tokko hojjatuudha. Walumaagalatti haala jireenya koorniyaa keessatti yeroo baay'ee jechonni , jechmonni, mammaksonniifi kkf. ittiin dhimma bahuun fayyadama a

2.5 Fayyadama Afaanii Dhimma Hawaasa Keessatti

Fayyadamni afaanii hawaasa keessatti jirufi jireenyaa dhala namaa isa mudatu hundaa kan ittiin ibsatudha. Kunis, mudannoo, gadda, gammachuu, fedhii, jibba, jaalaaafi, kkf, karaa gadaantummaa , wal-qixxummaa ykn gahomsuun dubbii afaaniin fayyadamuum ittin dabarfatu.

Yaada kana ilaalchisee, Cooper(1976) Yoo ibsu, "Fayyadamni afaanii hojii kam keessatti barbaachisafi murteessa ta'uun isaa lafa kaa'eera. Kana jechuun haalli itti fayyadama afaanii hunda addaddummaa hawaasa sababa afaaniin uumamuukan hammatuudha. Itti fayyadamni afaanii yeroofi iddoo murtaa'ee tokkott ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanoota naannoo sanaatti haala akkamii keessatti dubbataman ilaalchi fi amantii afaanicharratti namni sun qabu irratti hundaa'eedha. Yaada kana ilaalchisee, Wolff (2000) "Itti fayyadamni Afaanii irratti hubachuuf gaaffilee kan akka eessatti?, maaliif?, maaliin?, eenyuun?, yoom? fi kkf. gaaffilee xiinqooqa hawaasa wal-qabatee kaasuun ni-danda'ama." jedha. Gabaabumatti fayyadamni afaanii kan dhugoomuu osoo hin ta'in haala qabatamaa hojii hawwasichaa kan dhugomsuudha faanii eenyummaa dubartooa ibsan itti mul'isanidha.

Fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabataniif furmaata kennuuf itti dhimma baanuudha. Akkasumas, rakkoo jijjirraa afaaniin mul'ataniif furmaata barbaaduudha. Yaada kana ilaalchisee, Richard (2003:213) "Applied linguistic provides the theoretical and disciripive foundati, For investigations and solution and foreign language in teaching and learning." jechuun ibseera. Akka gubbaa ibsameetti Faayyadamni Afaanii rakkowwan afaaniin walqabatan kannee haala faayadama jechoota hiikkowwaniifi jijjirama keessatti jiraniit furmaata kaa'uudha. Kanumairraka'udhaan Afoolli Oromoof fayyadama afaani keessatti wantoota garaagaraa ittiin ibsaachuu ni danda'ama Isaanis, gad-buusuun, wal-qixxeessuun fi ol-kaasuun itti fayyadamuu ta'uu danda'a.

Osoo wal qixxummaa koorniyaa hin babbalatiin dura namonni mirga dubartoota tuquun faayadama afaaniin dhimma Faayidaan afoolaa kennuu ilaalchisee hayyonni yaada keennan keessaa Addunyaan (2014:166) yoo ibsu, "Afoolli daawwitti jireenyaa ilma namaa waan ta'eef kaleessa mul'atehar'a jiraata, har'as cinninatee boriifis suqqatee; isatu jireenya jireenyaatu isa." jedha. Yaada kana irraa kan hubannuu, Afoolli jirufi jireenyaa ilma namaa keessatti kan yeroo darbee qofa mul'ate baduu osoo hin tayin har'as kan jiraatudha. Akkasumas ummamni waan jirufi jireenyaa keessatti dabarsee dhaloota borufiis afaaniin kan ittiin dabarfatudha. Qorannoni kun kan barbaachiseef namoonni dubartoota irratti ilaalcha gad-aantummaa qaban dubbii garaagaraa fayyadaman akka irraa barataniif dubbii afaanii keessa kan akka jechamootaafi mammaksoota kanaaf, fkn. ta'an addaan bahuun dhiyaateerabahaa turan. kun immoo qabataman kan mul'achaa jtureefi kan mul'achaa jiru ta'uun ragaaleen agarsiisan nijiru. Yaada kana ilaalchisee, Mammaksi hawaasni itti fayyadamaa tureefi darbeedarbee fayyadamaa jiru ragaa ta'a.

2.6 Ga'ee Fayyadama afaanii wal qixxummaa Dubartoota ibsuu keessatti

Fayyadamni afaanii wal qixxummaa dubartootaa ibsuuf gaheen in keessa jirun fi babbalina qaroominaan hoj-maata koorniyaa idileessuu seektara mootummaan mul'acha jira. Yaada kana ilaalchisee, Waldaa Dubartoota Seera Ityophiyaa tiin Qopha'ee (1997) akka ibsutti, Mata-duree Aadaa duubatti hafa balleessuuf Akka Ilaalcha Seera Ityophiyaa jedhuuti, "Mootummaan mirgoota bu'uura fi ulfina ilma namaaf dimookraasiifi heera mootummaaf faallaa kan hin taane aadaan barnoonni haala walqixxee ta'een akka dagaaganiifi guddatan deeggaruuf itti gaafatamummaa qabu." jedha. Akka barreeffama kana irraa hubannuu, Mootummaan koorniyaa

idileessuu keessatti , waa'ee mirga dubartoota xiyeeffanoo hojjachuuf ka'uu isaa agarsiisa.Haaluma kannaan Baarullee Misoomaafi Jijjirama Paakeejjii Dubartoota Ityoophiya Adooleesa ,(1998), Wantoota dubartootaaf sirrachuu qabu fkn.”Magaalaa ,baadiyaatti wal qixxumman koorniyaa akka hojiirra oolu ‘’tartiibaan lafa kaa'eera.Kun immoo ilaalchi hawaasni dubartootaaf qabu akka jijjiramuu taasiseera.Kanaaf faayadamni afaanii walqixxummaa dubartootaa mul'isuu keessatti gahee qaba, kanjedhamu. Fkn. Walqixxummaa dhiiraafi dubartii agarsiisuuf dubbatamuu keessaa,”Dubartiin baratee jechuun maatiin barate jechudha.” Walumaagalatti dubartoota gadbuusuu, iilaalchaa hintaaneen yaaduufi raawwachuun baay'ee hir'atuus darbee darbee naannoo baadiyatti wanti mul'atu nijira. Kun immoo mootumaan caasaa dubartoota irratti hojjatuun abbaadhimmi isaa ilaalatu faana caalatti waliin hojjachuun hawaasni hundi akka itti xiyyeeffatuu gochuu dha.

2.7 Sakatta'a Barruu wal- fakkii

Bakka kanaatti qoranoolee mata-duree waliin walitti dhufeenyaa qaban ykn.wal fakkatan kan keessatti dhiyaataniidha. Kanaafuu,mata-duree qorannoo kan guutumman guutuutti kan wal fakkatan hojjataman hangan ani dubbiseetti kan hin jirnaanee yoo ta'u gara mata-daree kanaatti dhiyaatu ni jira.Haaluma kannan qurattuun qorannoo kana waraqaalee qorannoo sakatta'uudhaan qorannokana waliin walitti dhiyeenya qaba jedhame haala armaan gadiin ibsame jira.

Waraqaa qorannoo kan mata-duree kana wajjin walitti dhiyaatu kan digrii lammaffaa (MA) kan armaan gadiiti Yewayinxajji (2016) immoo “Qaaccessa Qabiyyee Mammaksoota OromooCimina Dubartootaa Ibsan Aanaa Ada'atti jedhu irratti gaggeesttetti. Kaayyoon isaas , mammaksi Oromoo haamilee dubartoota cimsan adda baasuufi itti fayyadamuun hawaasatti agarsiisu.Qorannoon kana irraa wanti gargar baasuu waa lama:inni duraafayyadama afaanii irratti kan kan afoola irratti xiyyeefatamee yoota'u ,inni kaan immoo cimiina dubartootaa qofaa irratti kan xiyyeeffatuu ta'uu agarsiisa.Walitti dhufeenyi inni qabu immoo qorannoon lamaanuu waa'ee dubartootaa irratti xiyyeeffachuudha.Argannoo ishiin kaawwatee yeroon sakkata'uu gara fuulduraatti dhimmi dubartoota dhimma hawaasa hundaa ta'ee bakka hundaatti dhalataa ammaaf dubbiin afaanii ciimina dubartootaa ibsuu dabalaa akka deemuufi warri dhimmi isaa ilaalatu gad faggeenyaan akka xiyyeeffannoo itti keennan lafa keesetti.

2.8 Yaadidama Qorannoo Fayyadama Afaanii

Qoranno kun kan inni irratti bu'uureeffate yaaxxina fayyadamaati. Yaaddidamni kun kan bu'uureeffatee hiika waan tokko beekuuf, ergaa ykn. tajaajila waan sanaa beekuun barbaachisa akka ta'e dha. Kun immoo xinxala fayyadama afaaniiti, afaan guddisuuf hubanna keennu irratti gahe guddaa qaba. Gaheen fayyadama afaanii jireenya namaa keessatti taphatuu xinxaluu keessatti giddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qo'atu dha. Yaaddidmoota hayyoota garaagaraatiin kennaman ilaaluu barbaachisaadha. Yaaddidmoota kanneen keessaa tokkoo. Yaadiddamni tajaajilaati (functional approach), ilaalchisee Dan Amos (1975) yoo ibsu, "The function approach to the categorization of oral literature actually has focused up on the relationships between form of verbal, art and existing cultural psychological, and social need" jedha. Yaanni isaa kunis yaadiddamni tajaajila walitti dhufeenya jechaa ykn. haasaa afaaniifi qaabiyyee yaada xiisammuu, hawaasummaafi fedha hawaasa akka qo'atu ta'uu ibsa.

Yaadiddamni tajaajila tajaajila hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata. Isa kana irratti immoo Bascom (1992; 175) yammuu ibsu, "We examine the verbal customary way and how it is important to the people sharing it." Jedha. Wanti yaada kana irraa hubannuu qorataan yaaxxina tajaajilaatti yoo fayyadame wanti afaaniin himamuu, barsiifamu fidhimma itti ba'udha. Inni biraa immoo yaaxxina Dubartoota (Feminist theory) ; Yaaddidnamni dubartoota yaaddidama jiran keessaa isa tokko "Feminist criticism is concerned with the way in which literature is in force economic, political, social and psychological operation of women." jechun ibse. Yaada kana irraa kan hubannuu, Kallatiiwwan siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi xiisammun dubartoota dhiroota waliin yoo wal bira qabnee ilaallee gad-aantummaan kan ilaallu miti. Gama xiisammuu dubartootaa dhiroota waliin yoo wal bira qabhe ilaale gadaantummaa kan ilaalaman ta'uu miti.

Kana males Bryson (1999; 82-83) yaada armaan olii yoo cimsu,

Feminist criticism is concerned with less obvious forms marginalization such as historical point of women writers from the traditional literary... unless the critical or historical point of view is feminist, there is tendency to under represent the contribution of women writers. jedha.

Akka yaada yaaddidama qeeqoo dubartoota hawaasa waliin jiraatuu keessatti ga'ee olaanaa dubartiif akka hin keennamnee ,dhiiraan wal-qixa ilaalamuu dhiisuun dubartootaaf qooqqobbii kallatti garaagaraatiin shamarran mudaqeequu irratti kan bu'uureffateedha.

Soshii feminizimi keessatti kaayyoon inni guddaan sirna olaantummaa dhiiroota keessatti midhama hawaasaa aadaan irraa gahaa tureefi ga'aa jiru ofuma isaatiin akka hubatan kan taasisuu fi jijjiiramaaf kan kakkaasu,mirga isaaniif sagalee isaanii akka gageessisan kan taasisuudha.Yaaddidamni kun dubartoota kaayyoo godhachuun ,kaka'umsa uumuu,maalummaafi eenyummaa haala jireenya isaanii akkaof hubachisan olaantummaa sadarkaa hawaasa aadaan murteessuuf, falmachuuf,ofumisaanii akka murteeffatan kakaasu walitti dhufeeny hawaasa wajjin qaban mutteeffachuu qaban irratti sagalee falmii kan qabudha.Yaaddidama olitti ibsaman hubachuudhaan qorattuun kunis,yaaddidama tajiijilaafi yaaddidama dubartoota bu'uureffachuun qorannoo kana gaggeesite. Sababniisaas fayyadama afaanii dubartoota ibsuu keessatti faayidaan bal'inaan waan ibsameef yaaddidama tajaajilaatiin qorannichi gaggeeffame jira. Kun immoo yaaddidama galumsaatti akka hamma ittitaasiseejira. Dhimmi kun waan ta'eef yaaddidama dubartihojjiirraaoleera.

“Applied linguistic concerned with the promoting our under of the language plays in human life At its centers are theatrical Investigations real world issue in which language man.” (1998) jedha.

Jeechoota kopha kophaattii xinxaluun hiika dhabsiisuu waan danda'uuf bakka tokkotti galumsa keessa galchuun hubachuu dha. .Akkasumas,hiika gareewwan jeechoota adda addaa yoo galumsaafi tajaajila isaanii hin ilaalle hiika dhabuu dandeenya. Kanaaf,akka yaaddidama kanaatti hiikkaan jecha tajaajila galumsaa keessatti ibsama.Jechi tokko hiika tokkofi isaa ol qabaachuu waan danda'uuf galumsa keessatti hiikama, Walumaagalatti akka yaaddidama fayyadama kanaatti fayyadama afaanii eenyummaa dubartoota ibsan beekuuf,ergaa isaa beekuun barbaachisadha.Kanaafuu,yaaddidama fayyadama afaanii dubartoota bsan keessatti gargaaramuun hiikaafi ergaan dubbii maal akka qaaccessuufi hiika itti kennuu gargaara.

Boqonnaa Sadii: Seensafi Mala Qorannichaa

Boqonnaa kana Saxaxa Qorannichaa Mala Qorannichaa, as jalatti immoo Irraawwatama Qorannichaa ,itti ansuun mala iddattoofi dhuma irratti mala qacceesa ragaatu dhiyaata.Meeshaalee Funaansa Ragaa afgaaffiifi marii garee dhuma irratti mala qaaccessa ragaa dhiyaate.

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qoranno waliigala qorannon ittiin adeemsiifamuu irratti xiyyeeffata.Qorannon maal fakkaataa?,maal irratti bu'uura godhatee kan jedhuuf deebii kenna, nideebisaas. Qorannoo kun saxaxa ibsuu irratt hundaa'a. Kaayyoo kan galmaan gahuufis malli itti dhimma bahamee mala akkamtaati. Sababni isaas maalli akkamtaa gaaffiwwan maaliif?,akkamitti? Fi kkf. guddaa waan ta'eef i akkasumas dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsu ta'eef.Qorannoo akkamtaa ilaalchisee akka Cress Well(2003:178) ibsutti,

The idea behind qualitative research is to be purposely selected participant or sites document or visual that will be best help the researcher understand the problem and the research quest.”iedha.

Yaanni kun akka ibsuutti qorannoon qulqulleeffataafi maddi raga xiyyeeffannoon filatamuuakka irra jiraatu addeessa. Kunis,qorattuun odeeffannoo qabatamaafi amansiisaa Jedhuuf deebii kan kennuufi kaayyoo qorattuun kaawwatee galmaa gahuu keessatti gaheen isaa bira akka geessuu taasisa.

3.2 Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala akkamtaatiin gaggeeffamee hawaasa keessa seenanii aadaa, duudhaa, dandeettii ,dadhabina, fedhii ,jaalala, jibba walumaagalatti sochii jirufi jireenyaa gaafachuufi waraabuun gaggeefama.Yaada kana ilaalchisee,Salamoon Areaya (2004:3) yammuu ibsu “Qorataan mala qorannoo qulqulleefataa dalagu ,odeeffannoo kan argatuu hubachuun marii addaddaa fayyadamuun gaafatee fi ilaalee keessatti hirmaate kan jedhu ibsa.”Yaada kana irraa hubannutti qorannoon mala akkamtaa barabaaduu odeeffannoo guutuu argachuuf bakka qaamni hubachisaHaaluma kanaan qorattunis,marii garaagaraa fayyadamuua keessaatti hirmaachuun

namoota dhimmi kun isaan ilaalata jettufi bakka namoonni nama araarsuuf wal-bira ta'aniifi jireenya hawaasummaa keessatti argamuun haala jiru qorannoo gaggeessite.

3.3 Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf qoddatoota ta'uun kan eeraman namoota hawaasa keessatti fayyadama afaanii beekuu jedhamaniidha. Kunis hawaasa Oromoo kan Aanaa Amboo keessa jiraatan kanneen dubbii afaanii beekuu jedhaman iyyaaffachuun qorannichi gaggeeffame. Dabalataan hojjatoota waajjira dhimma dubartoota Aanaa Amboo itti gaafatamaa waajjira dhimma dubartoota Godina Shawaa lixaa hirmaachisuun qorannoon kun gaggeeffameera.

3.4 Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun malaawwan iddatoo garaagaraa itti filaman keessaa kan qorannoo kana galmaan gahu jedhamanii fayyadamuun gaggeeffame. Malwwanan iddattoon ittiin gaggaffame filatamanii hojiirra oolan hojjattota waajjira dhimma dubartoota Aanaa Amboo itti gaafatamaa waajjira dhimma dubartoota Godina Dhiha Shawaa hirmaachisuun qorannoon kun gaggeeffameera. kana malees bakka namoonni afooshaa adeemsiisanitti irratti argamuun qorannichi adeemsiifameera. Isaan keessaa iyyaaffannoo (snowball sampling) akkayyoo (purposive sampling) hojiirra oolani jiru. Iyyaaffannoo (snow ball smpling) malli kun mala iddattoon itti filatamuu keessaa tokko yoo ta'u ,namoota dhimmicha beekan gaafachuun qorannoon akka gaggeeffamuu taasiseera.

Naamni iyyaaffannoon argaman sunis nama biraa dhimmicha sana sirritti beekuu kennuun qorannoon kun gaggeeffame. Malli kunis namoota muuxxannoo gaarii qaban argachuufi odeeffannoo quubsaa ta'e funaanuuf gargaara. Haaluma kannan qorattuun kun Aanaalee Godina Shawaa Lixaa keessa jiran keessaa Aanaa Amboo kana kaayyeeffachuun filatte. Sababni isaas Aanaa sana keessa yeroo dheeraaf jiraachaa waan turteef namoota iddattoo ragaa irraa funnachuuf odeeffannoo qorannichaaf barbaachisuu qabatamaafi milkaa'a jettee waan yaadduuf. Kanaafuu, gandoota aanicha keessa jiran keessaa filatte. Gandonni sadii mala iddatteessuu kaayyeeffataatiin qorannoo kanaaf filataman Awaaroo Qooraa, Ilaamuu Muujjaafi Qooraa Baallaa

irrattixiyyeeffate.Nmoonni iddattoof karoorfamaniis, Ga'eesoota dhiiraafi dubartoota,dargagoota,Maangudoota,Hojjatuu waajjira Dhimma Dubartoota keessatti jiran hirmaachisun qorannichi gaggafame.

Akkayyoo (purposive sumpling) mala iddattoo isa lammaffaa yoo ta'u namoota dhimmicha beekani filataman jedhamanii yaadaman xiyyeeffannon filatama. Kunis,namoonni kan kallattii addaddaatiin dhimmicha waliin haariiroo qabu jedhamee yaadamee odeeffannoo dansa ta'e argachuuf mijata.Od- kennonni mala akkayyootiin argamanis,warruma duraan eeraman fa'i.

3.5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti malawwan funaansa ragalee kanaaf hojii irra oolantuu ibsame.Bu'aan qorannoo ragaa funaanameerraa hundaa'aa. Akkasumas ragaan immoo meeshaa funaansa ragaati.AkkaYaalaw (2006:151) ibsuutti,"Meeshaaleen qorannoo ragaa irratti kan hundaa'e. Akkasumas, ragaan immoo meeshaa funaansa ragaatti kan jedha."Yaada kana irra kan hubannuu ragaan bu'uura qorannoo ta'u isaati.Haaluma kannaan qorattuun mala funaansa ragaa armaan gadiitti dhimma bahuun oddeeffannoo qorannoo ishiitiif ta'u funaanatte. Malawwan funaansa ragaas af-gaaffiifi marii gareeti.

3.5.1 Af-gaaffii

Af-gaafiin goosota odeeffannoo ittiin funannamuu keessaa isa tokko.Mala kanaatti fayyadamuu kan barbaachiseef hawaasa ogummaafi barreeffama hin qabne aadaa, duudhaa,safuu, seenaa isaanii afaaniin odeeffannoo irraa funaanuuf akkasumas, namoonni baratan tokko tokkoo deebii isaanii barreeffamaan kennuu irraa dubbii afaaniin deebisuu filatu waan ta'eef. Haaluma kannaan madda ragaa tokkooffaa irraa meeshaalee funaansa ragaa itti gargaaramte odeeffannoo af-gaaffiidha.Yaada kana ilaalchisee Goldsten (1994:104) akkas jedha. "Intervirview data include informant ,belives,expect,feet,wonts,does or has done or which explain or gives reason for any proceding."jedha.Yaada kana irraa akka hubannutti af-gaaffiitiin fayyadamuun od-kennaan waan kannaan dura beekuu ,waan dura argee dhagahee jireenyaa keessatti hubatee akka ibsu karaa saaqa.

Kanaaf, gaaffileen qorattuun afgaaffii keessatti dhimma itti baatee gaaffii battalaa yoo ta'u gosti gaaffiis banaadha. Gaaffileen dhiyaatanis, namoota hawaasa keessa jiran keessaa ga'eesoota, maanguudoota, dargaggota, dubartoota, hojjatoota waajjira dhimma dubartoota yoo ta'an yeroon afgaaffii kun itti adeemsiamee guyyaa lamaaf yoo ta'u bakki itti adeemsiifamee immoo bakka maanguddonni bakka jaarsummaa taa'anitti argamuun, Afoosha dubartonni walitti qabamanii keessatti seenuun, waajiira Dhimma Dubartoota kan aanaa, mana namoota dhuunfaa deemanii gaaffii afgaaffii bifa gaafiifi deebiin adeemsiifameera. Kanuma irraa ka'uun mammaksoota fayyadama afaanii dubartoota ibsan gara toorbaatama afur (74) walitti qabameera.

Af-gaaffiin kun namoota gandoota sadii filataman kanneen akka Awwaaroo qooraa, Ilaamuu muujaa, Qooraa baallaa iddattoof filataman adeemsiifamee irratti Ganda Awwaaroo Qooraa Dhi 4 Dha - Ilaamuu muujaa Dhi 2 Dha 2 fi Qooraa baallaa Dhi 2 Dh 2 walitti Dhi 8 fi Dha 4 walitti namoota 12 irraa odeeffannoon funaanameera. Yaada kana ilaalchisee, Yaadasaa, (2016;17) akka ibsutti, "Af gaaffiin dhimma murtaa'ee tokko irratti ragaafi odeeffannoo argachuuf jechaa gaafiifi deebii nama dhuunfaa ykn muraasa waliin godhamuudha." jechuun ibsa. Karaa biraa immoo Dastaan, (2013;113) Yaalaw (2006) , waabeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii akka armaan gadiitti ibsa. "Af-gaaffiin yeroo barbadamee fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaafi iodeeffannoo fuunanuu kan afaanii dubbatuu caalaa sochii od-himtootaa irraa odeeffannoo dabalataafaayidaaqaba.

Odeeffannoo kana wanti gaarii taasisuu qorattuun gaaffii ishiif deebii qabatamaa argachuuf, ykn. Ibsuuf dhimma gaafachuu danda'uusaa ti' Yaada kana ilaalchisee , Yaadasaa (2016:17) akka ibseetti , "Af-gaaffiin dhimma murtaa'a irratti ragaafi odeeffannoo argachuuf jecha gaafiifi deebii nama dhuunfaa waliin odeeffannoo argachuuf bifa gaafiifi deebii nama dhuunfaa walin adeemsiifamudha, jechuun ibsa,

Yeroo af-gaaffii odeeffannoo funaanuu kan afaaniin dubbatamuu caala sochii od-himtootaa qaamaan agarsiisan raga dabalataa argachuuf faayidaa cimaa qaba. Haaluma kanaan tokkon tokko isaanii gaaffilaa lama lama gaafatamani deebii keenaniru.

3.5.2 Marii Garee

Yeroo amma sababa addaaddaan kan ka'e milkaa'ina fayyadama afaanii eenyummaa beekuun barbachisadha. Odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf mala kannaan qorattuun kun odeeffannoo kennamuu gaafachuun yaadannoo qabaachuu fisagalee waraabachuuf adeemsifame. Yaada kana ilaalchisee, Dastaan, (2002;9), yoo ibu,'Dhimma murtaa'ee tokko fayyadama afaanii irratti muuxannoofi beekumsa qaban mariigaree addaddaa dubartootaa mul'isan irratti odeeffannoo argachuun rakkisaadha. Kanaafuu,mala funaansa ragaa kennaan fayyadamuuf qopheessuun irratti kan qorattuu hirmaatoota marsiisuun argattuudha.'jedha. Namoota uummachuun ragaa funaanatte.Marii garee yeroo sadii(3) kan taasifamee yoo ta'u gareen tokko namoota ja'a(6) qabata.gareen ga'eesoota Dhi afur (4), Dha lama (2), dargaggota Dhi afur(4) Dha lama (2) fi jaarsoollii Dhi afur(4) Dha lama (2) walumaagalatti marii garee sadii adeemsiisuun namoota kudha saddeet(18) waliin marii taasistee jirti.Mariin adeemsiifamee kun dhiirafi dhalaa addadda qooduun adeemsiifame.

3.6 Mala Qaacceessa Ragaalee

Qorannoon kun odeeffannoo af-gaafii fi marii garee argamee tartiiba isaanii eeggachuun tarreeffamanii qaacceeffamuu.Dastaan,(2002;10) yoo ibsu,'Odeeffannoo ykn. ragaalee qorannoon akkamtaa qoratonni haaluma isaanii mijatan kan deeman akka ta'e fi maaltu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessaa ummama keessatti argameetti kan ibsudha.'jedha.Mala odeeffannoo itti kennamu keessa mala akkamtaa (Qualitative data analysis) fayyadamtee deebii wal fakkaatu warreen kennan yaada bu'uura fudhachuun irra deeddebii hambisuun qaaccefameera.Tartiiba armaan gadii hordoofun qaacceefame. Iddattoon odeeffannoo kennuu isaanii adda baafachuu,odeeffannoo walitti dhufenyaa qabaniifi hin qabnee addaan baafachuu. Yaada hinbarbaachifnee keessaa hambisuu,Yaadolee gaaffii bu'uura adda baafachuun ,walitti siman walitti fiduun yaada cuunfaa goolaba ga'u dandaa'ameera.

Boqonnaa Afur: Qaaccessafi Ibsa Ragaalee

4.1 Seensa

Boqonnaa kana keessatti kan irratti xiyyeeffatamuu Fayyadama Afaanii Dubartootaa Mul'isan kallattii garaagaraatiin ibsameetu qaacceeffameera. Maddi fayyadama afaanii kunis, kan hawaasni itti tajaajilamanidha. Kanumarraa ka'uun fayyadama afaanii eenyummaa dubartootaa ibsan karaalee garaagaraatiin adda bahanii qaacceeffamu. Isaanis, fayyadama afaanii gad-aantummaa dubartootaa ibsan, fayyadama afaanii wal-qixummaa dubartootaa ibsan, fayyadam afaanii dubartoota gahomsuu keessatti adda bahanii akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Qorannoo kana jalatti mata-duree qorannoo kanaa ragaalen waliin deeman walitti qabamanii jiru. Ragaaleen walitti qabaman keessaa ragaaleen qaacceessuuf filatamani jiru. Ragaaleen filataman kunis, akka armaan gaditti qoqqodamanii dhiyaataniiru. Mata-duree kana ilaalchisee ragaaleen n amoota irraa walitti qabamee irraa ka'uun akkuma qabiyyee isaatti addaaddaa baasuun haala gaaffileen dhiyaatee irraa handaa'uun mala funaansa ragaa tokkoffaa akka gaaffilee kaayyoo gooree jalatti dhiyaataniin tartibaan qaacceeffameera.

4.2 Fayyadama Afaanii Dubartootaa Mul'isuuf Oola

Dubartoonni qaama hawaasa keessaa tokkoo akka ta'an ni beekama. Kanumarraa ka'uun Fayyadama afaanii dubartoota mul'isuuf oolan keessaa maalummaa dubartootaa ibsan Godina Shawaa Dhiha Aanaa Amboo ilaalchisee ragaalee madda tokkoffaa af-gaaffiifi marii garee funaanameen akkasums argaman mata-duree kana jalatti haala armaan gadii dhiyaatanii qaacceffamaniiru. xiyyeeffannoo kanaa kan ta'e, Fayyadamni Afaanii Dubartoota Mul'san kallattii garaagar Hawaasni kam iyyuu afaaniin fayyadamee yaada keessatti dhagahamu ittiin ibsachuun dhimma bahuun jiraata. Isaan keessaa kan akka tuffii, kabaja fi jajuun afaaniin fayyadamuun wal-qunnama. Fayyadamni afaanii hojii kam keessatti barbaachisaafi murteessa ta'uun ni ibsa. Yaaduma kana irraa ka'uun dubbiin afaanii dubartoota mul'isuu danda'uu agarsiisa. Haaluma kanaan akka qabiyyee armaan gaditti tareeffamanii dhiyaataniiru.

4.2.1 Fayyadama Afaanii Gad-aantummaa Dubartoota Mul'isan

Mata-duree kana jalatti qabiyyewwa jiran keessaa fayyadamni afaanii eenyummaa dubartootaa agarsisan dubbii afaanii fayyadamuun gad-aantummaa dubartootaa ibsan akkaataa armaan gadiitti qaaceefamani jiru. Haalli fayyadama afaanii yeroo durii kaasee waan tureef akkaata dhimma bahaamefi bahamuu kan ibsudha. Haaluma kanaan hawaasni keenyaa akkaataa ilaalchi inni qabuun gochaanis ta'e afaaniin waan itti dhagahme ibsaata. Kunis, yeroo durii dubartoonni warra dhiiraa faana mirgi wal-qixa akka hin taane agarsiisa ture. kuniis maaliin akka ta'e armaan gadiitti ibsameera. gaaffilee dhibbaan fayyadama afaanii gad-aantummaa dubartoota ibsan maal fa'i?

4.2.1.1 Kan Walaallummaa Dubartoota Mul'isan

Fayyadamni afaanii maalummaa dubartootaa agarsiisan uummata Oromoo Aanaa Amboo biratti ni mul'atu. haaluma kanaan fayyadama afaanii yaanni wallalummaa dubartootaa ibsan bal'aan akka armaan gadii dhiyaatan gaafa guyyaa 24//8/2010 tti obboo Dajanee Biiftuu afgaafii waliin adeemsiifameen argameedha. Dubbiin afaanii kunis, gad-aantummaa dubartootaa mul'isan ooluuf itti fayyadamaa turan fi ammas darbee darbee kan mul'ata, Kanaaf ragaa armaan gadii keennan ilaaluu ni danda'ama.

- (IA) *Dubartiifi harataan dinqatti bareedu.*
- Lukkuun bararteefi dubartiin baratee essayyuu hin-geessu.*
- Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabdu.*
- Beekumsi dubartii dinqaa olii.*
- Dubartiin furdoo malee guddoo hin qabdu.*
- Dubartiin qoonqoo toolchiti dubbii hin tolchitu.*

Boqonnaa kana jalatti fayyadama afaanii ibsan bifa qabiyyeen ka'amee irraa ka'uun gaaffii fayyadama afaanii gadaantummaa dubartoota mul'isuuf dubbii afaaniin itti fayyadamaa turamee maal kan jedhu jalatti: od-keenitoonni, "Dubartiifi harataan dinqatti bareedu." jechuun naaf deebisan. Dubbii afaanii kana keessatti kan wal bira qabamee ilaalamu dubartii fi harataa dha. Kunis, harataan mana keessatti itti fayyadamuuf tajaajila. Kana jechuun yeroo mara ganamas ta'e galgala mana qulqulleessuun itti fayyadamaa jirru ibsuuf yoo ta'u, dubartiin immoo yeroo

mara hojii mana keessaa hojjachuu fkn.ijoollee kununsuu, nyaata bilcheessuu, bishaan waraabuu, mana qulqulleessuu fi wanta mana keessatti hojjatamuu hunda ibsuuf tajaajilamuun dubatamudha. Kannaf warri durii yeroo kana jedhnii dubbatan haamilee dubartootaa tuquun dubartoonni gola malee ala bahuu akka hin dandeenyee ibsuuf dubbatamudha .Kunimmoo dubbiin fayyadamaa afaannii kunis, dubartoonni barachuu akka hinqabne fiyeroo hundaa akka dinqatti haafangahee hojii malee alatti hojii kam iyyuu hojjachuu akka hin dandeenyeetti yaadama kun immoo ilaalcha koorniyaa irratti dhiibaa fidaa waan tureef ergaan dubbii afaanii kun gad-aantummaa dubartootaa irratti miidha fidaa ture hanga har'atti illee hawaasa keenya muraasa biratti ilaalchi jijjiraa afaanii akka mul'atuu irraa hubatan kan wal-bira qabamee ilaalamee lukkuufi dubartii dha. Kana keessatti lukkuun Yaadni namoota kana irraa hubatamuu ilaalchi namonni sana fedhii, dandheetii, jibba irraa qaban irraa ka'uun dubbatamaa turu isarraa ka'e mirga dubartoota dhiibaa turu isaa agarsiisa .

Haaluma kanaan od- keenitoo takeessaa addee Zannabach Baqqalaa irraa gaafa guyyaa 24/8/2010 dubbii afaanii 'Lukkuun barateefi dubartiin baratee essayyuu hin-geessu.' jedhu argame keessa immoo dubrtii walaallatuu ta'u ishii ittiin ibsachaa turan, kana jechuun yeroo durii keessatti mirgi dubartii murta'aa kan ta'efi wanti irratti raawwatamuu hunda akka ishiif keenametti fudhachuun ittiin bulaa waan turteef , warri dhiiraas ta'e hawaasni dubbii afaaniin fayyadamuun dhimma itti bahaa akka turan hubatamera. Dubbii afaanii kana keessatti lukkuun amma feete balali'uuf caraaqxuu allaattota kaan faana yeroo wal biraa qabnee ilaaluu, lukkuun koochoo qabaattullee fagaatee ittin qilleensa irratti balali'uu hin dandeesse. Akkasumas, yeroo durii dubartiin hamma feete barattuullee akka warra dhiiraa manaa baatee ykn. fagaattee, waan filattee dubbachuu, gaafachuu, barachuufi kkf akka hin dandeenyee fi barattuyyuu dandheetiin ishii gola keessaa bahu akka hin dandeenyee ibsuuf tajaajilamaniidha. Haaluma kanaan hawaasin Oromoo Aanaa Amboo keessa, gandoolee qorannon kun keessatti gaggeeffame birattis dhimma itti bahaa akka turan hubatamera.

Kanuumarraa ka'uun mirga dubartoota irratti dhiibbaa fidaa waan tureef wal-qixxummaa koorniyaarratti ilaalchi wal caalmaa jiraachuu isaa hubatameera. Yaada kana irraa kan hubatamuu akka ilaalcha warra sanaatti dubartiin hamma fe'e yoo baratee jijjirama kam iyyuu fidu akka hin dandeenyee fi walaallummaa ishii irraa akka ba'u hin dandeenyeeti hubatama turusa agarsiisa.

Yaaduma kana deeggaruun od-keennaan Maanguddoo obboo KumalaaDhaabaa yoo ibsan, “Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabdu” jechuun dubatamaa akka ture ibsan. Haaluma wal fakkaatuun, fayyadamni afaanii kunis, dubartiin waa hojjachuu addee Xajjituu Iddosaa irraa argameedha. “Dubartiin furdoo malee guddoo hin qabdu,” jedhu. Kun immoo dubartiin akka omaa hin beeknetti akka ilaalamaa turte nama hubachisa. Kunis, dubartoonni akka waan walallaa ta’anitti yeroo fudhatmaa turan akka ture hubatameera. Akka odeeffannoo dabalataa od-kennitoota marii garee dubbii afaaniirraa argameen,

“Beekumsi dubartii dinqaa olii.” Kan jedhu keessatti akka waan dubartiin wanta alaa keessatti qooda tokkolle hin qabnetti akka lakka’amaa turtee kan agarsiisuudha. Haata’umalee haala qabatamaa amma jiruun dubartiin biyya bulchuu keessattillee gahee guddaa akka qabduu hubatamuun nidanda’ama. Dabalataan, hirmaattoonni marii garee yaada kana cimsuuf dubbii afaanii “Dubartiin qoonqoo tolchiti malee dubbii hin tolchitu.” jedhuu akka dubartiidhaan jedhamuu ibsaniiru. Kunimmoo, dubartiin waan nyaatamu bilcheessuu bira dabartee waa dubbattee bu’aa buusuu akka hindandeenye nama hubachiisa. Ammas gandoolee qorannoon kun itti adeemsifame keessatti darbee darbee mul’atuuyyuu caalatti foyya’aa akka jiruu hirmaattoonni addeessaniiru. Walumaagalatti fayyadamni afaanii kanaan dhiima ba’uun od-kennitootarra akka hubatamuu danda’amutti, wallalumma dubartootaa ibsu jedhamanii yaadaman kanneen muraasa ta’an armaan olitti argameer dha.

4.2.1.2 Kan Dadhabummaa Dubartoota Mul’isan

Fayyadamni afaanii Dadhabummaa dubartootaa agarsiisan ummata Aanaa Amboo biratti ittiin dhiimma ba’uuf fayyadaman, akka amma ragaa armaan gadii argamee ibseera. Haaluma kanaan dubartoonni hawaasa keessatti cimiina dhabuu isaanii ibsuuf itti fayyadamaa turan keessaa bifa afgaaffiin dhiyaateef obboo Warqina Gonfaa waliin taasiifameen argamedha..

(2B) Dubartiin fi harreen uleen biraa dhabamnaa,

bineensa jalaa hin galu.

Dubartiin beekaa dhaltii malee beekumsa hin qabdu.

Dubartii shantamaa irraa dhiira tokko wayya.

Bakka dubartiin baay’attu raafuun hinbilchaatu.

Mata-duree kana jalatti fayyadama afaanii ibsuuf oolan bifa qabiyyee ka'amee irraa ka'uun gaaffii maalummaa dubartootaa dubbii afaanii fayyadamuun dadhabummaa dubartoota ibsuuf hawaasni dhimma itti bahaa ture maal jedhuu, od-kennaan Gaafa 24/8/2010 akka jedhanitti, "Dubartiinfi harreen uleen biraa dhabamnaan bineensa jalaa hin galtu." Kana jechuun immoo, harree beyladoota keessaa addatti qoodanii akka isheen yoo namni baasee galche malee ofiin galuu hin dandeenyetti lakka'u. Gama biraatiin, dubartiin gaggeessaa(hoogansa) dhiiraa malee omaa gochuu akka hin beekneetti ilaalamaa akka turte agarsiisa. Aanolee af-gaaffiiniifi mareen garee kun ittigaggeeffame keessatti ammayyu darbee darbee akka dubbiin afaanii kun jiru yoo ibsanillee, haalli qabatamaan waa'ee dadhabdummaa dubartootaa baay'ee akka hin jirree gahumsaa isaan amma dinagdee, hawaasummaafi kkf kessatti argisiisaa jiran ragaadha. Dabalataaniis, od keenituun I/G Dhiimma dubartootaa kan ta'an addee Askaala Qanaasaa yoo ibsan, "Dubartiin beekaa dhaltii malee beekumsa hin qabdu." jedhuun akka dadhabumaan dubartii dubbatamaa ture ibsaniru. Ragaa kanarraa hubachuun akka danda'amutti, dubartii keessaa kan ba'ee beekaa yoota'ellee, dubartiin garuu akka omaa hin beeknettii yaadamaa ture. Kun immoo yaadumaa dadhabummaa ishiidhaaf qaban agarsiisuurraa kan ka'ee malee beekaa dahanii walaalun nijira jedhamee hin yaadamu. Ittaansuudhaanis od- kennitoonnii marii Gareehirmaatan keessaadubartoonni (addee Abbabachi Midhaqasaa, addee Hawwii Maadeessaa addeea Kiisee Ttarfaafaa addee Birhaanee Naata'aa addee Alamii Geetachoofi Addee Qabane Waltajjii)faana gaafa 1/9/2010 waliin adeemsifamee keessatti dadhabummaa dubartootaa mul'suuf dubbii afaanii "Dubartii shantamaa irraa dhiira tokko wayya" jechuun fayyadamaa akka turamee eeraniiru. Kana jechuun dubartiin yoo baay'atee amma dhiira tokko beektee rakkoo tokkollee hiikuu akka hin dandeenye mul'isa. Yaanni biraa dadhabummaa dubartootaa ittin ibsama jedhanii kaasanii, "Bakka dubartiin baay'attu raafuun hinbilchaatu."

Dubbii afaanii kun yeroo ibsamu, dubartiin yoo baay'tte oduu malee maayii hin baastu jedhamee qaacceeffamuu danda'a. Walumaagalatti ilaalchi hawaasni gamaa beekumsa dubartiif qabu baay'ee gadi bu'aa akka ta'eefi amummallee darbee darbee gandoota qorannoon kun adeemsifame keessatti mul'achaa akka jiru ragaawwan kanarraa argameera.

4.2.1.3 Dubartoonni biyya bulchuu akka hin dandeenyee Ibsuuf Mul'isan

Fayyadama afaanii biyya bulchuu keessatti gad-aantummaa dubartootaa agarsiisan

Ummata Oromoo Aanaa Amboo biratti ni mul'atu. Kanaaf amma gaafa guyyaa 24/8/2010 Addee Dasii Araarsaa irraa ragaawwan armaan gadii argameera .

(3C) *Abboomiin dubartuu karra cufaa oolchaa.*

Beekmsi dubartii dinqaa oli.

Dubartiindakaa malee daangaa hin qabdu.

Dubartiin dhimma dhiirsaa malee dhimma daangaa hin qabdu.

Akka qooda fudhattuun af-gaaffii ibsanitti dubbiiwwan afaanii armaan olii kunnin, dubartiin alattis ta'ee mana keessatti aangoo omaatu akka hin qabnee agarsiisuuf hawaasni maayii itti ba'aa turuu saaniiti.

“Abboomiin dubartii karra cufaatti oolcha.” Dubbiin afaanii kun dubartiin akka tasaa illee aangoo mana ykn.biyya bulchuu argatte doofummaa ykn.walaalummaa irraa kan ka'e bulchuu (abboomuu)waan itti hin beekneef duchaan biyyi gara dukkanatti deema jechuuf yaadamedha.Fkn. hirmaatoonngaafa guyyaa 24/8/2010 marii garee irratti hirmaatan (obboo Gabbisaa Umaa, Kumaa Haata'uu, kabadda Qalbeessaa, Warqina Gonfaa, Mul'ataa Dhaabaa fi Lammaa Badhaadhaa) bakka jaarsummaa namtoota araarsuuf walga'an keessatti argamee dha. Kana keessatti dubartoonni dur biyya bulchaa isaan keessaa akka fakkeenyatti akka Akkoo Maanooyye caqasaniiru. Akka yaada kanaatti yoo ilaalu, waan hundaan dhiirri qofti beekaa akka ta'eefi gorsa dhiiraan akka jiraattuu ibsuuf tajaajilamaa turamu isaa hubatameera. Haata'umalee hawaasni keenyaa amma ilaalchi inni koorniyaaarratti qabu akka jijjiramuu taasisuuf, ammas darbee gad-aantummaa dubartoota irratti dhibbaa fidaa jiraachuu hubatameera,

Yaada kana deegaruun od-kennitoonni, “ Beekmsi dubartii dinqaa oli.” Kan jedhuttis maayii ba'anii dubartiidhaaf angoon akka hinmalle ittin ibsachaa turuu saanii dubbataniiru. Kanaa jechuun dubartiin diinqaa keessaa baatee ijoollee ishiillee abboomachuu akka hin dandeenyetti fudhatamaa turuun isaa hubatamuu danda'ameera. “ Dubartiin dakaa malee daangaa hin qabdu.” Fi “Dubartiin dhimma dhiirsaa malee dhimma daangaa hin qabdu.” Mata-duree kana jalatti fayyadama afaanii

bifa qabiyyee ka'aman ibsan irraa ka'uun hoggansa ilaalchisee gadaantummaa dubartootaa ibsan gaaffii dubartiin akka warra dhiiraa hojii kam iyyuu hojjiichuu danda'uu jettanii yaaduu kan jedhuufi akkamitti kan jedhuuf, deebiin isaan eeran dubbii afanii waraabbiin argisifamaniidha. Kana jechuun isaanii dubartiin mi'a mana keessaa malee waa'ee biyya omaa akka hin beekneetti yaaduu isaanii agarsiisa. Walumaagalatti hawaasa keenyaa keessatti gaheen hoggansa yeroo baay'ee akka baramaa tureetti dhiira akka ta'eefi dubartooni manaas ta'e ykn. biyyaa bulchuu akka hin dandeenyetti dubbatamuufi mul'achaa jiraachu ibsufidha. Akkasumas dubartoonni siyaasa irratti hirmannaa akka hin qabnee dubbatamaa turun dubartoonni gad aantummaa akka itti dhagaahamu taasisuu hubatameera

4.2.1.4 Qusachuu dhiisuu Dubartoota Mul'isan

Fayyadama afaanii Quusannaa walaaluu dubartootaa agarsiisan Uummata Aanaa Amboo biratti mul'atu ilaalchisee hawaasni fayyadama afaanii gargaaramuun dhimma itti bahuun ni yaadtama,kanuma irraa ka'uun ragaan armaan gadii gaafa guyyaa 24/8/2010 bifa afagaaffiifi marii garee argamee ibsameera.

- (D) *Arguu itti haaraa, dhabuu ittannaa*
Bori hin beekneen qooda buukoon ishii lama.
Akka ofii malee akka oolaa hin bulan.
Dubartiin waan hunda haawwiituu gabaa hin hin baatu,
Akka abaluun sirbaa morma nama jallisa.

Akka qooda fudhattoonni af-gaaffiifi marii garee jedhanitti dubbiiwwan afanii armaan olii kunnin qusachuu dhiisuu dubartootaa ibsuuf kanneen fayyadaa turan ta'uusaniti. Akka od- kennaa afgaaffii irratti hirmaatan addee Abbabach Midhaqsaa wajiin taasifame irraa argame. “Arguu itti haaraa, dhabuu ittannaa.” Fi “Bori hin beekneen qooda buukoon ishii lama.” Kan jechuun, dubartiin waan har'a argatte tokko har'uma akka fixxu ibsuusaaniti.

Asirratti waanti hubannuu dubartiin qusannaa akka hin beeknee Yaada “Waan uffattu hin qabduu kan haaguggattuu hawwiti.” jedhummo waan tokkoollee osoo hin qabaatiin wanta biraa hawwuu ishii ittiin ibsuuf itti fayyadamaa akka turan agarsiisa. Dubbiin afaanii, “Akka abaluun sirbaa morma nama jallisa.” Jedhu kun hawaasa keessatti osoo ofii hin qabaatiin namaan dorgomuuf

jettee waan hin taane keessa akka galtuu ibsuuf ittifayyadama turamuufi waan hunda akka baleesitutti fudhatamaa turuusaa ,kun immoo sirrii akka hin taanee ibsameera. Kana jalatti waanti hubatamu, qusannaa wallaaluu dubartootaa ibsuuf hawaasni dubbiiwwan afaanii olitti tarreeffamaniifi kanneen biroottis fayyadamuun ibsaa akka turaniidha. Yaada kana namoonni marii garee irratti hirmaatan caalatti ibsuun irratti mari'ataniinn argameedha.

4.2.1.5 Kan Goowummaa Dubartoota Mul'isan

Fayyadamni afaanii Gowwummaa dubartootaa agarsiisan Uummata Aanaa Amboo biratti ni mul'ata. Kanaaf, amma ragaan armaan gadii ilaaluu ni-danda'ama. Ragaaleen armaan gadii dhiyaatan gaafa guyyaa 24/8/2010 od-keennitoota af-gaaffiiirraa argameera.

- (1E) *Dubartii tokkicha abaarii deebistee of abaaraa oolti.*
Waraqaa fi dubartii gowwaan waan qabatan gadhindhiisan.
Dubartiin garaa laaftuu garaa duwwaa mana hin baatuu.
Gara laafeettiin obbooleetti obboleessaaf ulfoofti.

Mata-duree kana keessatti fayyadama afaanii bifa qabiyyee irraa ka'uun gaaffii dhiibban dubbii afaaniin dubartoota gowwaa taasisuun miidhu maal fa'aa akka ta'e od-kennitoonni ibsan keessaa addee Zannabach Baqqalaa irraa argameen, “Dubartiin tokkicha abaarii deebistee of abaaraa oolti.” Fi “Waraqaa fi dubartiin gowwaa waan qabatan gadhin dhiisan.” jechuun himan. Kana jechuun isaanii gowwummaa ishiirra kanka'ee waanuma altokichaa itti himame qofa yaadachaa akka jiraattu ibsa. Dubbin afaanii kun dubartiin gowwaa ta'ushii ibsuuf ittifayyadamaa turamuusaafi dhiirri waan hunda akka waan tokkoof dhimma hin qabneetti agarsiisuu ta'usaa nuhubachiisa.

Ittidabalaniis hirmaattonni af-gaaffii keessaa addee Xajjituu Iddoosaa yoo ibsan, “Dubartiin garaa laaftuu garaa duwwaa mana hin baatuu.” Fi “Gara laafeettiin obbooleetti obboleessaaf ulfoofti.” dubbiiin afaanii yaada wal fakkaatu qabu kun ergaa dubartiin waan garaa laaftu fakkaattuyyu gowwummaadhaan waanta ishiif hinmalle akka raawwattu ittin ibsamuu danda'u qaba. Akka od-keennitoonni himan ilaalchi hawaasa keenya keessatti mul'achaa ture dubartoonni dhiibbaa irra jiru irraa ka'e calisuun isaanii akka gowwaa ta'anitti fudhatamaa turuu isaa irraa kan ka'een dubbii afaanii armaan olitti eeraman himan. Kun immoo dubartoonni yeroo baay'ee waan hunda obsaan

dabarsuufi garaa hammachuun irratti mul'ataa waan ta'eef dubbii afaanii kannaan dhimma ba'uu isaanii hubatameera.

Walumaagalatti ragaa kanarraa hubachuun akka danda'amuutti, ammumallee gandoolee qorannoon kun keessatti gaggeeffame keessatti darbee darbee kan mul'atu yoo ta'eeyyuu, bal'inaan itti maayii ba'amaa kan turee yeroo durii keessa akka ta'ee ibsamee jira.

4.2.2 Fayyadama Afaanii Wal- Qixxummaa Dubartootaa Agarsiisan

Mata-duree kana jalatti qabiyyeewwan ka'aman keessa fayyadama afaanii eenyummaa qaromninni babbalachaa dhufuufi ilaalchi mootummaan dubartootaaf xiyyeeffannoo keenaa dhufee dubartootaa agarsiisan dubbii afaanii fayyadamuun Wal-qixxummaa dubartootaa ibsan akkaataa armaan gaditti qaacceffamaniiru. Haalli fayyadama afaanii yeroo durii jiraatullee yeroo amma irraa ka'uun hawaasni keenyaa amma ta'e jijjirama dhufuu mul'achaa jira. Kanumraa ka'e hawaasni keenyaa dubbii afaaniif fayyadamuun waan itti dhaga'ame ibsata. Kunis, dubartoonni yeroo amma warra dhiiraa faana mirga wal-qixa qabaachuu irraa kan ka'e fayyadama afaanii hawaasni ittiddhimma bahu maal akka ta'e gaaffilee armaan dadii tartiibaan dhiyaataniin qaacceffama niijiru.

4.2.2.1 Kan Ciimina Dubatoota Mul'isan

Fayyadamni afaanii Cimiina dubartoota agarsiisan ittiin ibsachuuf uummmata Aanaa Amboo biratti ni mul'atu. Kanaaf, amma ragaan armaan gadii ilaalamu ni danda'ama. Dubbii afaanii kana afgaaffiin argamee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

(2A)

Dhiira cimaa biratti dubartii ciimtuun jirti.

Dubartiifi dugdaan lafa ka'uu.

Garaa haadhaafi dhaddee olla baata.

Haadhaafi lafatu nama danda'.

Abbaa manaa dureesaa manna haadha iyyeetti wayya.

Dubartoonni wal-qixa ta'uu isaanii agarsiisuu od- keenitootaaf af gaaffiin dhiyaateef, Gaheen dubartii hawaasa tokko keessatti ciminni ishii kan dhiiraa faana wal-qixa ta'uufi dhiisuu

Isaarratti tureobboo Dajanee Biiftuu irraa gaafa guyyaa 24/8/2010 argameen, ”Dhiira cimaa boodaa dubartii cimtuu jirti.” Yaada kana irraa wantii hubannu ciiminaa dhirri agarsiisuuf karaa hundaa dubartiin isa biraa jiraachuufi kunuunsuun akka inni jabaatuu taasisuu ishii ibsuuf dubbatamu dha. Kana jechuun hamma fe’e dhiirri cimaa ta’u kopha isaa waan tokko gochuu akka hin dandeenyefi cimiina dhiiraaf dubartiin gahe qabduufi isheenis jabaattee akka inni cimuu tasiisu keessatti gahe guddaa akka qabduu hubatameera. Yaaduma kana deegaruuf hirmataakeessaa Obboo Gabbisaa Uumaa itti dabalani” Dubartiifi dugdaan lafaa ka’uu.” Kanaaf akkuma dugdi dhaabannee deemuuf, bakka yaadnee ga’uuf dugdi fayyaa ta’uun barbachisuu dubartiinis gaafa rakkoon nama mudatee, waa rakkatan waa mari’achisunfi kkf. Kan dafttee namaaf qaqqabduufi Dubbiin afaanii kun kan nutti himu yeroo amma biyya bulchuuf kan barbaachisu garaagarummaa saalaa osoo hin ta’in dandeettii, ilaalchi, beekumsa, fedhii hawaasa, ciimina, wal qixxummaan yaada bilchaataa qabu malee koorniyaa keessaa kana jichuun hafuu isaa hubatameera. Yaada kana irraa kan hubatamuu, dubartiin hojii kamiyyuu hojjachuuf akka hin dadhabineefi mirgi yoo kennameef waan hunda akka hojjatan agarsiisa

Haaluma kannan gaaffii ,Jijjiramni kun akkamitti dhufu danda’e jedhuuf haala marii gareen maanguudoota jaarsummaa irratti argaman (obboo Kumalaa Haata’uu fa’a) irraa gaafa guyyaa 24/8/2010 deebiin argamee, dur dubartiin barumsa jalqabdi malee hin xumurtu, fedhii ishii malee heerumti, hinfiltu, hinfiltamtu, maqaa abbaa warraa hin waamtuu , miila dhiqxee gad jettee dhungatti, fedhii abbaa warraa malee kan ishii hin dhaga’amuu, jiru ishitti mirga hin qabduu fi kkf. Raawwatamaa ture. Yeroo amma garuu sababa qaroominni babbaliachaa dhufeeffii jijjirama ilaalcha mootummaa dhimmi dubartoota irratti xiyyeeffannoo argateenfi ilaalchi walqixxummaa koorniyaa cimaa dhufuun dubartoonni akkuma dhiiraa waan hunda danda’u isaaniifi gahee hojii kam keessattuu ciminaan hojjachuun fixaan baasuu akka danda’an fkn. garaagaraa kaasuun irratti mari’atan irraa hubatameera. Kanaaf , dubartoonni akkuma dhiiraa waan keennameef hunda akka raawwatan ibasameera.

4.2.2.2 Kan Hoggansa Dubartootaa Ibsuuf Mul’isan

Fayyadamni afaanii hoggansa dubartootaa agarsiisan Uummata Aanaa Amboo biratti bal’inaan in-mul’ata. Kanaaf, ragaa armaan gadii ilaaluun ni-danda’ama. Dubbiin afaanii kun

(2B) *Qabsoon dubartiin keessatti hin hirmaannee fixaan hin ba'u.*

Hojjin hirmannaa dubartotaamalee taasifamuu hin jiru. .

Gaheen dubartii gola hanga waltajjiiti.

Yeroon wal-qixa kottaa biyya bulchinaa.

Mata-duree kana jalatti qabiyyewwn dhiyaatan fayyadama afaanii dubartoonni hoggansa keessatti dhiira faana wal qixa ta'u isaanii mirkaneesuuf gaaffii dhiyaateedha. Hawaasa keenyaa keessaii hoggansa ilaalchisee dubartoonni dhiira faana gahee wal-qixa ta'e a qabaachuufi dhiisuusaanii adda baafachuuf ture. Kanarratti, od-keennitoonni af- gaaffii fi marii garee keessatti hirmaatan akka keessatti hirmaatan obboo Lammaa Badhadhaa gaafa guyyaa 24/8/2010 akka armaan gaditti eeraniiru. "Qabsoon dubartiin keessatti hin hirmaannee fixaan hin ba'u." fi "Hojjin deegarsa fi hirmaannaa dubartootaa ala taasifamu hinjiru,hinjiraatus, jiraatus hinmidhagu, galmaan hin ga'u." jechuun dubbatan .

Akka dubbii afaanii kana irraa hubannuutti hojjiin kam iyyuu dubartiin keessatti hin hirmaattuu yoota'e xummurri isaa gaarii hin ta'u sababni isaas,dubartoonni hojii hojjatamu keessatti yaada keennuun,toofta aaddaddaa burqisiisuun, akkasumas dubartoonni qabsoo biyya tokkoof taasifamuu irratti karaa garaagaraa waliin ta'uun fkn.wanta qabsoo sanaaf babaachisuu hundaa keessatti hirmaachuun akkasumas bakka diree lolaa ta'u illee faana deemuun soda tokkoomalee akka isaan hirmaatan,kun immoo fixaan ba'umsa dalaga sanaaf onnee ta'uun jajjabinaafi cimiina dhiiraafi akkasumas,ilaalcha wal-qixxummaa koorniyaatiif illee gahe guddaa qabaachuu isaa irraa hubatameera akkasumas waan hojjatan nuufii tokko malee waan hojjataniif hojjiin sun akka barbaadameetti galma gahu danda'a.

Yaada kana irraa waanti hubatamuu, hojii kam iyyuu dubartoonni keessatti hin hirmaannee taanaan guutuu akka hin taanefi dhiirri hamma fe'e cimaa ta'ullee bakka dubartiin keessatti hin hirmaanne galmaa ga'insa hojii hoggansaa fixaan baasuu akka hin dandeenyee irraa hubatameera.Yaada kan cimsuun marii garee keessatti,"Gaheen dubartii gola hanga waltajjiiti." Kana jechuunsanii hirmannaa dubartii malee hojjiin kamiyyuu milkaa'ina hin qabu. Akka yaada kana irraa hubatamuun danda'amutti, dubartoonni hojii mana kessaas ta'ee, kan waltajjii keessatti hirmaachuun hojii sana fixaan ba'umsa akka argatu gochuufi dandeessuu ta'un ishii addaan bahe akka beekamuu hubatameera. Kun immoo ilaalchi koorniyaa wal-qixa deema jiraachuu

hubachisa. Haata' u malee gandoota qorannoon kun kessatti adeemsifame naannoo tokkotokkoo keessatti yaadni kun bakka hin fudhtamnee jiraachuun bira ga'ameera. Dabalataan, hirmaattoonni af-gaaffiifi marii garee hogansa dubartootaa ibsuuf dubbii afaanii, "Yeroon wal-qixaa kottaa biyya bulchiinaa." jedhu kanan ibsuu akka danda'amu dubbataniru. Kun kan inni ibsuu dubartiin biyya bulchuufillee gahumsaafi onnee guddaa akka qabduu mul'isa.

Walumaagalatti fayyadmi afaanii hoogansa dubartoota ibsuufi fayyadamuun walqixxummaa koorniyaa mirkaneessuu akka danda'muu hubatameera. Akka amma mootummaan keenyaa dubartootaaf hoggansi yoo kennamee gahe hojii keennameef sana soda tokko malee hoggansa irratti hojii gurguddaafi gammachisaa hojjachaa jiraachuu isaanii karaalee walqunnamtii odeeffannoo dhagahamaafi dubbatamaa akka jiru jamaan mariigaree keessatti hirmaataniin balinaan ibsameera.

4.2.2.3 Hawaasummaa keessatti Ibsuuf Mul'isan

Fayyadama afaanii hawaasummaa dubartootaa agarsiisan Uummata Aanaa Amboo

Biratti ni-mul'atu. Kanaaf, amma ragaa armaan garii ilaaluun ni danda'ama. Dubbii afaanii kana ilaalchisee dubartoonni qaama hawaasa keessaa tokkoo ta'uu ibsuun jirufi jireenyaa hawaasummaa keessatti gahee guddaa akka qaban ibsuun od keennitoonni afagaaffii keessatti hira=maatan dabareen akka armaan gadiitti argameen ibsameera.

(2C) *Hojiin dubartiin qooda hin fudhannee
ittoo soogidda hin qabneti.
Haamileen dubartii yoocabee
haamilee maatiifi biyaatu cabaa.
Dubartiin ittoo jireenya dhala namaati.
Bakka dubartiin hin jirree dukkana golgadha.*

Dubartoonni hawaasummaa keessatti wal qixxummaa isaanii agarsiisuuf hawaasni maal maaliin Mata- duree kana irraa ka'uun qabiyyeewwan armaan gaditti dhiyaatan fayyadama afaaniin agarsiisuu akka danda'an gaafatamanirratti od-kennitoonni af-gaaffii keessatti hirmaatan keessaa obboo Haayiluu Bulloo irraa gaafa guyyaa 24/8/2010 argameen dargaagootaa dubbii afaanii,

“Hojiin dubartiin qooda hin fudhannee ittoo soogidda hin qabne.” jedhutti dubbataniiru. Kana jechuun immo jireenyi hawaasaa dubartiin yoo keessa jiraachuu baatee akka hin mi’oofneefi, akka hin midhagne ibsuusaaniiti. Akka ragaa kanarra hubachuun danda’amutti, jireenya hawaasummaa keessatti dubartiin gahee guddaa qabaachuu ishii agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun dubbii afaanii “Haamileen dubartii yoo cabee haamilee maatiifi biyaatu cabaa.” Kanatti fayyadamuun gahee dubartiin maatiifi hawaasa keessatti qabdu akka ittiin ibsamaa jiru dubbataniiru. Asirraa waanti hubatamuu danda’u, daa’imaas ta’ee jaarsi yoo dubartiin miidhamtee midhamuu akka dand’uudha. Kana jechuunimmo, akka beektoonni tokkotokko dubbatanitti dubartiin ifa manaati namni kamuu ishiimalee ijaa hinqabu. Kanaafuu dubartiin yoo jiraatee hawaasa kan jedhamu jiraachuu danda’a jechuudha.

Dubbii afaanii marii gareen argameen gaafa guyyaa 1/9/2010 Waldaa Afooshaa dubartoota keessatti adeemsiifameen argameetti, “Dubartiin ittoo jireenya dhala namaati.” jedhamu kanattis fayyadamuun barbaachisummaa dubartoonni hawaasa keessatti qaban mul’isuuf akka ittiddhimma ba’an dubbataniiru. Asirratti kan hubatamuu qabu, buddeen leematnii heddu jiraatee ittoon ittin nyaatamu hin jiru yoo ta’e buddeenichi inuma bada malee duwwaa hin nyaatamu. Haaluma walfakkaatuun dubartiin keessa hin jirtu yoo ta’e, jireenyi nama kamiyyuu guutuu hin ta’u yookinimmoo jireenyi dubartiin keessa hin jirre duwwaadha. Kanaaf hawaasa keenya keessatti dubartoonni jirufi jireenyaa keenya keessa akka ittoo soogida sanaatti nu barbaachisuu waan ta’eef ummannis ta’e hawaasni keenyaa dubartootaaf kunuunsa barbaciisuu akka taasisan ,akkasumas dubartoonnis hojii kam keessatti dhiira qixa hojjachuu akka dana’uu irraa hubatameera.

Dabalataaniis, yeroo gahee dubartiin hawaasa kessatti qabdu dubbatan, “Bakka dubartiin hin jirree dukkana golgadha.” Jedhanii akka dubbatanis ibsaniiru. Kana jechuun akkuma olitti qaaceffametti, dubartiin ifaa jireenyaa ta’uuishee mul’isa. Dubbii afaanii “Manni dubartiin keessa hin jirree hin ho’u.” jedhu kessattii marii, hojiif hirmaannaa kam keessattuu dubartiin qooda hin qabdu taanaan hojichis ta’ee mariin gaggeeffamu kamuu guutuu akka hin taaneefi galmagahuu akka hindandeenyee hubachuun ni danda’ama. Yaada kana bal’innaan kaa’uuf mee fkn tokko tokkoo haailaalu. Qonna bira hirmaannaan dubartoota caalatti barbachisaata’u beekama, hojii mana keessaa keessatti bakka hajaa garaagaraa raawwatamuu keessatti hojii daldaala keessatti walga’ii garaagaraatti, bakka rakkoon nama mudateebiratti yaada furmaataa fiduunfikkf. Keessatti

dubartoonni waan hirmaataniif hojjiichi midhagaa nita'a kun immoo hirmaanna dubartoota caalatti dabalaa akka deemuu taasisa. jechuun dubartoonni hojii kam keessatti hirmaatan malee dhiirri kophaa isaa hojii kam iyyuu galmaan ga'u akka hin dandeenyee agarsiisa ,kunis dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti hirmaachuun hojjiichi midhagina qabaachuufi fixaan ba'u akka danda'u hubachisa. Walumaagalatti, jireenya hawaasaa kessattii hirmaannaan dubartii walqixxummaa koorniyaarratti gahee guddaa qabaachuufi hojiin kamiyyuu hirmaannaa dubartii malee galma ga'uu akka hin dandeenyeyaada marii gariin argameen hubachuun danda'ameera.

4.2.2.4 Dubartoota Siyaasa Keessatti Ibsuuf Mul'isan

Fayyadamni afaanii Siyaasa dubartoota agarsiisan Uummata Aanaa Amboo biratti ni mul'atu.

Kanaaf, amma ragaa armaan gadii ilaaluun ni-danda'ama. Dubartoonni gama siyaasaan hirmannaa akka taasisan fi kallattiinis ta'e al kallatiin keessatti hirmaachuun dirqama ta'uun od keennitootaa irraa argameen hubatameera. Yaada kanas akka marii garee gaafa guyyaa 24/8/2010 argameen dabareen dhiyaataniiru.

- (2D) *Biyyi ofii haadha ofiiti.*
Hojii kam iyyuu hirmannaafi deegarsa dubartii malee hin taasifamu.
Qabsoon dubartiin keessatti qooda hin fudhannee fixaan hin ba'u.
Qabsoon dubartiin keessatti, hin jirnee hin milkaa'uu.

Hawaasa keenyaa keessatti gaheen dubartoonni siyaasa keessatti agarsiisan ilaalchisee, gaaffii od-kennaaf dhiyate keessaa fayyadamni afaanii dubartoota wal qixxeessuu keessatti hirmannaan isaanii maal akka fakkaatu kan jedhu ture qooda qabu yoo ta'e marii garee od-keennitoonni (obboo Kabbadaa Qalbeessaa, oboo Kumaa Haata'uu, obboo Gabbisaa Umaa, obboo Warqina Gonfaa, obboo Tarreessaa Shaneefi obboo Baqqalaa Tafarii) argameen dubbiin afaanii isaan ijaaruu danda'an akkamitti ibsamuu akka qabaatan adda baafachuuf ture. Isaanis yoo ibsan, "Qaabsoo dubartoonni keessatti qooda hin fudhannee fixaan bahu hin danda'u." jedhamutti maayii bahuun gootummaa dubartoonni siyaasa keessatti agarsiisan akka ittin ibsan eeraniru. Ergaan kunis, Siyaasa adeemsiifamuu keessatti dubartoonni hirmanna guddaa taasisuu waan ta'eef wanti sun galmaan gahu akka danda'u yoo agarsiisu hirmannaan mul'atuu immoo wal-qixxummaa dubartoota sirritti agarsiisa. Akka dubbii afaanii kana irraa hubachuun danda'amutti, dubartoonni

gama siyaasaas yoo ta'e akkuma dhiira bulchuu, hogganuu, fi kkf taasisuu irratti hirmannaa gudda taasisuu danda'u ishii irraa hubatama. Yaada kana cimsuun qoodafudhattoonni, "Biyyi ofii hadha ofiiti." Haati ofii kanuma ofii kanuma ofiita'uu agarsiisuufi tokkuma ishii qofa waan biraan jijjiruu akka hindandeehin dandeeny ibsuuf dubbatamedhaa Biyyi ofiis hamma fe'e jalatanis tae jibamtee kanuma ofuma ofii ta'u ibsaafi lamaanuu tokkummaa qabaachuu tsaanii ibsuuf dubbatame ta'u irraa hubatameera.jechuun yoo himan yaanni kun immoo biyyi itti jiraannu bal'oofi dandeesuu ta'uu ishii ibsa.Agarsiisni kunimmoo biyyi waan yaraas ta'e waan gaarii osoo hin filatiin waan dandeessuuf waa hunda irratti raawwatama. Haalum kanaan dubartoonni hawaasa keessa jiraatan keessatti bakka hundaafi waan hunda keessatti akkuma hirmaatan siyaasa biyyitti keessatti karaa addaddaa qooda fudhachuun hirmaachuu ishii habachisa.Kun immoo hawaasa keessatti walqixxummaa jirachuufi mul'achuu danda'u hubatameera.Walumaagalatti dubartoonni siyaasa keessatti karaa hunda qooda fudhachuun hawaasni hirmaachsuun dhiira faana qixa argamuun hojjachuu isaanii hubatameera.

4.2.2.5 Abshaalummaa Dubartoota mul'isan

Fayyadama afaanii Abshaalummaa dubartootaa agarsiisan Uummata Aanaa Amboo

biratti ni mul'atu.Kanaaf,amma ragaa armaan gadii ilaalamuun ni danda'ama.Dubbiin afaanii

kunis od-keennitoota irraa argameen lafa kaa'ameera

(2E) *Humna kee humna bishaanii,mala kee mala dubartii siif haakennuu.*

Waaqayyoo abshaalummaa dubartii siif haakeennu.

Kan dubartiin ergite du'a hin sodaatu.

Dubartii malee abiddi hin booba'u

Dubartiin mala hin dhabduu mana one ho'isti.

Dubartoonni hawaasa keessatti abshaala ta'uun akka beekaman ragaan od-kennitoota irraa mul'atee ni ibsa.Haaluma kanaan dubartoonni jirufi jireenya isaanii keessatti waan isaan mudatee mala maluun akka keessa darban ragaan jamaa irraa argamee addeesera.dubbiin afaanii yaanni armaan olitti gaafa guyyaa 1/9/2010 marii garee dubartoota afooshaaf irratti walitti qabamanii(addee Abbabach Midhaqsaa, addee Geedoo Gammachuu, addee Kiisee Tarfaataa, addee Alamii

Geetachoo, addee Qabanees Waltajjiifi addee Birhaanee Naata'aa) dubbii afaanii akka armaan olitti argameen dhiyaateera.

Mata-duree kana keessatti qabiyyee irratti hundaa'uun akka armaan gaditti ka'ame jira. Haaluma kanaan gaaffiin od- kennitootaaf dhiyaatee akkas jedha. Fayyadamni Afaanii abshaalummaa ibsuuf ergan dabarsuu wal qixxummaa dubartootaa ijaarurratti maal fakkaata kan jedhu ture. Yaada kana waliin marii'achuun yoo deebisan hawaasa keenyaa keessatti dubartoonni mala beekuun, mala fiduun ,furmaata battalaa kennuun, abshaalummaa isaanii agarsiisu , kanarraa ka'uun dubbii afaanii akkas jedhuun dhimma bahu." Humna kee humna bishaanii, mala kee mala dubartii siif haakeennuu." Dubbii afaanii kana keessatti waa lamatu jira. Humnaa bishaanfi humna dubartii. Bishaan guutuu yoo ta'e humna guddaa jirma gangalchee deemu qabaachuu danda'a. Akkasumas dubartiin rakkoowwan bu'aa ba'ii jireenyaa keessatti ishii mudatuu mala/tooftaa garaagaraan keessa darbuun humnaan osoo hin tayin malaan keessa darbuu akka dandeessu ishii irraa baranna.od-keennitoonni akkas jechuun yaada saanii cimsaniiru. "Waaqayyoo abshaalummaa dubartii siif haakennuu."Dubartoonni jireenya isaanii keessatti gamnuummaan jiraatu. Kunis bakka hojiitti, bakka waraana, mana keessatti, bakka siyaasattifi kkf. Dubartoonni ni hirmaatu.Dubartoonni abshaala waan ta'aniif warra kaaniif fkn. ta'u dand'u.

Kun immoo dubartoonni hawaasa birofillee furmaata ta'uu akka danda'anfi dhiirota waliin wal qixaa ta'u isaanii irraa agarsiisa. Ammas itti dabalani, "Kan dubartiin ergite du'a hin sodaatu." Dubbii afaanii kanattis fayyadamani abshalummaa dubartii ibsuun akka danda'amu dubataniiru. Asirratti waanti hubatamuu qabu, dubartiin tooftaa fi mala ittin oolchitu qabdi jedhamee waan amanamuuf namni ishiin ergites du'aallee yoo ta'ee nijajama jechuudha. Kana jechuunimmoo, hawaasni abshaalummaa ishiitti amanuurraa kan ka'e wanta dubartiin tokko jette raawwachuu filata jechuudha.

Yaadni ittaanuu "Dubartii malee abiddi hin booba'u." jechuunis abshaalummaa dubartoota akka od- keennitoonni himanitti dubartiin mala beektuun fsayyadamuun abidda dhaamee illee akka qabatee booba'uu taasistuu, manni dubartiin keessa hinjires dhiirri akka ishii mala malu waan hin dandeenyeef hin mijaa'u kanaaf dubbii afaaniin fayyadamuun dubartii dhiiraan abshaalummaan akka jiraachistuuirraa hubatameera.

Walumaagalatti dubartooni hawaasa keessatti himaanaa guddaa qabaachuu isaanii hirmaatoota irraa hubatameera.kun immoo dhiirri dubartii caala mala uummuu akka hin dandeenyeefi kakkoo kam iyyuu yoo mudateen tooftaan ba’u danda’u ishii hubatameera.Fayyadamaafaanii wal qixxummaadubartootaa ibsan akka armaan olii ibsamaniifi qaaceffamaniijiran hubatameera.

4.2.3 Fayyadama Afaanii Dubartoota Gahoosuu Keessatti Mul’isan

Mata-duree kana jilatti qabiyyewwam jiran keessaa fayyadama afaanii eenyummaa dubartootaa gahoosuu keessatti mul’atan addaan baasuun akka armaan gaditti duraaduuba isaanii eeguun qaaceffamaniru.

Akka haala ammayyatti dubartootaa gahomsuuf maaltuu ta’u qaba jedheef od- keennaan marii garee keessaa dubbii afaanii yoo ibsan akkas naan jedhan.”Dubartiin baratee maatiif qoricha.”Akkasumas,”Manni utubaafi dubartii malee hin-midhagu.” Jechuun lafa ka’aniiru.Kana jechuun walumaagalatti bakki dubartiin hin jireetti hawaasa kam keessatti jirufi jireenyi guutuu ta’u akka hin dandeenyee kan agarsiisu ta’u isaati.As keessatti wanti lama wal bira ilaalameera.Kunis,Barumaafi qoricha namni qaroomina qabu yeroo mara beekumsaan jiru isaa qabachuun tooftaan ,haala barbachisaa ta’een yoojiraatu qorrichi immoo daawwaa dhukkuba ta’uun dhibeessana fayyisa kannaf,dubartiin beekumsa qabdu rorroon illee yoo ishii mudatee beekumsa ishiitiin jiru ishii jiraatti. Yaadni inni lammaffaan utubaafi dubartii walitti fida. Kunimmoo, manni hamma fe’e cimina qabaatuu waan isa qabatuu yoo jiraatee malee ofdanda’ee hin dhabbatu. Manni dubartiin keessa hin jirnees hamma fe’e qabeenyi jiraati hin ho’u,guutuu hin ta’u jechuu barbaadameeti jechuun ibsaameera.

Yeroo ammahoo jijjiramni mul’atu ni jira jettani yaadu ? yoo jiraatee mirgi dubartoota hoggana keessatti mul’atu maal maal fa’i/ naaf ibsu dandeessuu jedhe gaafadheef, akkas jechuun ibsaniiru.”Yeroon walqixa dha kottaa biyya bulchina .” jette niitiin jeedhee namichi.Dubbiin fayyadama afaanii kun dhiira qofa osoo hin ta’in dubartoonni hoggansa keessatti hirmaachuun biyya bulchuu akka danda’an, waan dhiirri hojjatuu kam iyyuu dubartoonni raawwachuu akka danda’an qabatamman mul’achaa jiruuf .Dubbii afaanii kana keessatti” koottaa biyya bulchina “jechuun akka duri dhiira qofa hirmaataa osoo hin tayiin dubartoonnis hojii hunda keessatti gahee guddaa qabaachuu isaanii agarsiisa.Kunimmoo haamilee dubartoota akka cimsuu hubatameera.

“ Dhiira cimaa booda dubartii cimaatu jirti.” Jedhama.Kun immoo dhiirris ta’e dubartiin yaada qixa ta’e qabaachuu fi hojjachuu akka danda’an kan ibsudha. Dhiirri Kophaa isaa cimuu ykn. Jabaachuu akka hin dandeenyee cimiinni dhiiraa dubartii faana ta’uu ibsuuf dhiyaatedha.Kanaaf dubartoonni bakka dhiirri oolee biraatti hojii kam iyyuu haata’uu hoggansa kam irratti hirmaachuun manas ta’e biyya bulchuu akka danda’an hubatameera.

Kana irraa kan ka’e yeroo ammaa dubartoota gahomsuuf dubbiin afaanii itti fayyadamnuu ni jira jedhe gaafadheef akkas jedhaniiru.”Bakka dubartiin hin jiree dukkana golgaa dha.” Kana jechuun,bakka kamiyyuu haata’uu dubartoonni keessatti hin hirmaatiin fixaan ba’uu akka hin dandeenyeetti ibsuu agarsiisa.Dbalataanis,”Hojjiin dubartoonni qooda hin fudhannee akka ittoo soggida hin qabneeti.” Jedhama . kunis , yeroo amma dubartoonni hojii kam keessatti dhiiraa faanas ta’e kophaa hirmaachuun hawaasa keessattis ta’e biyya keessatti hoggansaan mul’achaa akka jiran ,dubartoota hoggansa irratti gahee qaban caqasun naaf ibsanii irraa waa hatameera.

Waluumaagatti dubbii fayyadama afaaniin dubartoonni hoggansa irratti hirmachuu akka hin dandeenyee taasifama turuuisaafi yeroo amma immoo jijjiramni sababa garaagaraa mul’ateen dubartoonni dhiira faana mirga qixa ta’e argamuu irraa kan ka’e hirmaannaan dubartoota mul’achaa jiraachuu fi bakka dubartoonni hin jireetti waan hundi milkaa’uu hin dandeenyee hubatameera.

Yeroo amma hoo hirmannaa siyaasa keessatti dubartoonni mirga qixa qabu ?jedhe gaafadheef ,yoo naaf ibsan , Dubartiin dhiirsa morkitu harka isaati hin haafu.”kana jechuun , dubartiin dhiirri waan hojjate hunda nan danda’aa jette kaate fixaan bahu akka dandeesuu agarsiisa.Kunis dubartoonni qabsoo keessatti qooda hin fudhannee fixaan bahu hin-danda’u. Kana jechuun,Dirree waraanaatti illee abbaa warraafi haati warraa mirgaafi dirqama walqixa ta’e qabaacuu fi hojjiin dubartoota ala hojjatmuu galmaan gahu akka hin dandenyee irraa hubatameera.

Haalumakannaan dubbii afaaniin fayyadamuun dubartota gahomsuuf yoo dubbatan “ Dubartiin xiqqoo hin hin qabdu.”kana jechuun hamma fe’e illee harka qaleetti ykn. gabaabduu ,iyyeetti taatullee mala jireenya waan beektuuf hin tufatamtuu jechuudha. Karaa biraatiin , “ Niitiin gaariin dhirsaaf kafana.”Akkuma mammaksi kun nutti himutti dhiirri hamma fe’e cimaa ta’uillee mana keessatti dubartiin hinjirtuu yoo ta’e lafti itti dukana’a, dubartoon mana keessa yoo jiraataan garuu mala uumuun inni waan rakkatee hundaaf gorsuun ,jajjabessuun,duukaa meemuun ,jajjabeessuun,honnachisuunfi kkf. Waan cnc isaa jirtuuf akka uffata uffaatanii bahaniitti haamilee

guutaan ba'ufi galuun jiru isaa jiraachuu danda'a jiechuudha. "Abbaa dureessa irraa hadha warraa cimtuu wayya." jedama jedhan kunis yoo ibsamu soorummaan ykn. qabeenyi dhiiraa kophaatti faayidaa akka hin qabneefi dubartiin tooftaa garaagaraatiin fayyadamtee jirufi jireenya isaanii adeemsisuu akka danda'an irraa hubatameera. Walumaagalatti dubartonna waan hundaa ti.

Dubartiin biyya ofiiti, Dubartiin gaachana, fi kkf. jechuun dubartoota ga'omsuun akka dubbatama jiru hirmaattonni mariigaree keessatti argaman bal'inaan ibsaniiru. wanti kun akka caalatti cimaa deemuuf mootummaan is t'e waajjirri dhimmi kun ilaalatuu maal gochuu qabu jedhee gaafadheef akka waliigalatti yoodebisan naannoo kenya karaan garaagaraa barsiisuu, mootummaan hawaasaaf leenjiifi barumsa kennuu, maatiin ijoollee dubaraa caalatti itti dhimmamee barsiisuu, ijoolleen dhiiraas dubartonna waan hundaisaanii ta'u beekuun karaan hunda cina isaanii dhabbachuu jajjabeessuu, jallachuu, rakkoo isaan mudatuu faana ta'uun ija tokkon walilaaluun dubbii afaanii barbaachisaa hin taanee fayyadauu dhiisuufi kkf dhabamuu akka qabu hawaasni jijjirama yaadaa argacuu akka qabufi karaalee sab-quunnamtii TV, Kitaaboolee barataas ta'e kitaaboolee araagaraa, dubartoota gaomsoofi dubartonna waan hundaa keessatti hirmaachuu akka danda'an mootummaan caalatti irratti hojjachuu akka qabu fi dubartonnis dhiira irraa maaliinu gad tau akka hin dandeenye of amansiisuun of jabeesuun cimuu akka qaban hubatameera. Jechuun irratti waliigaluun qaaccееffamera.

4.2.3.1 Barbaachisummaa Dubartoota kan Mul'isan

Fayyadama afaanii barbaachiisummaa dubartoota agarsiisan Uummata Aanaa Amboo biratti

Ni-mul'atu. Kanaaf, amma ragaa gadii ilaaluun ni-danda'ama. Ragaaleen armaan gadiitti dhiyaatan kun bifa marii gareen gaafa guyyaa 24/8/2010 argameedha.

- (3A) *Manni dubartiin keessa hin jirne hin tolu.*
Manni dubartiifi loon keessa hin jirree hin ho'u.
Dubartiin mi'eessituu dhala namaati.
Haati daalattii hin qabdu.
Dubartiin si'eettiin dhirsa gootomsit.
Haatifi qarshiin moofaa hin qabdu.
Haatifi bishaan badduu hin qabdu.

Dubartoonni hawaasa keessatti ta'e mana keessatti barbaachisoo ta'uu isaanii namni haaluu hin jiru. Sababni isaas,bubbii afaanii armaan olitti caqafamee jiru od keenitoota irraa argameen akka armaan gaditti dabareen ibsameera.Haalum kanaan marii garee jaarsolii dubbii araaraa irratti walitti qabaman keessa(obboo Kabaddaa Qalbeessaa, obboo Kumaa Haata'uu, obboo Tarreessa Shanee,obboo Baqqalaa Tafariift obboo Warginaa Gonfaa) taasifameen kan argameedha.

Dubbiin afaanii kun kan ittifayyadamnuu dubartiin mana keesatti ijoolleef,maatii ishiif, hawaasa keessa jiraatuuf ollaishitiifi biyyaaf barbaachiiftuu ta'u ishii ibsan ykn mul'isan hawaasa keessatti akka jiran od- keenitoota irraa argachuun danda'ameera.Kanuma irraa ka'uun dubbii afaanii waldaan afooshaa adeemsiifamee keessatti ,Gaaffii dubartii ga'omsuuf dubbiin afaanii fayyadamtan maal jedhuuf yaada marii garee irraa argameerra kan hubatame,

”Hadha dhabuu manna hadha dhabduu qabaachuu wayya.”Dubbiin afaanii kun bakka dubartoonni wal bira jiranii dubatamee waan ta'eef hundi hiika itti laatani irratti mari'ataniiru.Akka yaadakana irraa hibatamuutti waanti ilaalamuu qabu haadha dhabuufi haadha dhabduu walitti fiduun dha. Kun immoo kan nutti agarsiisuu daa'imanni haadha hin qabnee hamma fe'e namni biraa kunuunsee yoo guddiseeyyuu yeroo mara haadhasaa irraanfachuu hin danda'uu; hin gammaduus,itti hin tooluu, waan qaama isaa keessaa waa jalaa hir'ate waan ittidhaga'amuufnama wajjin jiruu faana fedhiifi yaada isaa bilisa ta'e hin ibsatu .

Sababa kanaaf osoo danda'amee ijjooleen hadha isaanii waliin jiraatan kan filatamuuf; gama biraan yoo ilaalluu hadha dabduu jechuun amma fe'e rakkattuullee haati, ofi beelooftte,kadhattee,hojii kamiyyuu haata'uu hojjattee ijoollee ishii guddifti malee hin gattu;cal hinjeettu;ofi nyaattee ijoollee ishii hagabuu hin bulchutuu. Sababa kanaatifis, dubartiin dhiira irraa baay'ee caalmaa qabaachuufi dandeessuu ta'uun ishii maatii biratti, hawaasa biratti,waajjiraalee garaagaraa keessatti, mana barumsa keessatti, mana murtii keessattifi kkf.haadholiin akka hoggansa keessatti hirmaataniifi hojjatan taasifama jiruuf. Kana irraa ka'un dubartoonni hawaasa keessatti baay'ee barbachisoo akka ta'an dubbi afaanii armaan gadii marii garee maanguddoota irraa argamme dha.”Manni dubartiiniifi loon keessa hin jirne hin ho'u.”Dubbiin afaanii kun ummanni Orommoo jalala looniif dubartiif qabu ibsachuf itti dhimma baha.

Akka yaada kana irraa hubannutti loon keessaa sangaa yoo fudhannee hamma barbaannee itti qotannee,sa'ammoo aannanishii eelmanee, wanta ishiirraa argamu hundatti fayyadamna nu hin

dadhabdu.Kanaaf hawaasa oromoo jirufi jireenya isaanii qabatani kan jiraan loon ibsuuf yoo fayyadaman dubartiin mana keessatti hin jirtuu yoo ta'e manni sun hinho'u, hin ifu,hin gammachisuu, manni niona nama hin gamachisuu, namatti hin toolu. Walummaagalatti manni dubartiin sababa garaagaraatiin keessa hin jiraannee akka mana cufaa ta'eetti akka ilaalamuu irraa hubatameera.Faallaa kanaa n yoo ilaallu garuu dubartoonni dhiira malee yoo jiraatan ijoollee isaanii kunuunsuun rakkatanii ka hin qillee niguddifatu, haaluma kanaan manni akorinee taasisu. *Kun immoo dubartiin dhiira caala dandeessuufi ciimituu ta'u ishii himuuf itti fayyadamaniidhaa.*

Haaluma walfakkatuun qoodaafudhattoon af-gaafiigaafa guyyaa 24/8/2010irraa obboo Kumalaa Dhaabaa irraa argameen barbaachisummaa dubartootaa yeroo ibsan, “Dubartiin mi'eessituu dhala namaati.” Kan jedhu kanattis fayyadamanii akka ibsaniidha. Kana keessattii waanti hubatamu dhiirrii baay'een walitti guuramee yoo mana guutellee amma dubartii tokkoo waa gochuu akka hin dandeenye agarsiisa. Kana jechuun jiraachuun dubartii, jireenya namaa tokkooorraa kaasee guutummaa ibsuuf, duubii afaanii “Haati daalattii hin qabdu”, “Haatifi qarshiin moofaa hin qabdu.” Fi “Haatifi bishaan badduu hin qabdu.” Yaadonni kunniin ergaa walitti dhiyaatu qabu. Amma barbaade rakkattuu haa taatu, dulloomtuu haataatu, isaanii yaada ibsaan.fokkistuu haataatu haati haadhuma omaanuu hinjijiramtu jechuun haKana jechuun dubartiin bakka olaanaa qabaachuushii agarsiisa. barbaachisummaa cimaa dubawaasaatiif murteessaa ta'uusaati. Dabalataan, barbaachisummaa dubartii yaada kana cimsuuf od keennaan af gaaffiihirmaatan keessa tokkoo dubartiin, jireenya hawaasaa keessatti qabdu mul'isuuf, “Dubartiin si'eettiin dhirsaa gootomsit.” Kana jechuun ciminni dubartii gootummaa abbaamanaashii keessatti bakka olanaa akka qabdu agarsiisa. Walumaagalatti, barbaachisummaan dubartoota jireenya hawaasaa keessatti baay'ee olaanaa ta'uun isaa ragaa qorannoo kanarra hubachuun nidanda'ama.

4.2.3.2. Dubartoota Beektoota Ga'omsuu kan Mul'isan

Fayyadama afaanii Dubartoota Beektoota agarsiisan Uummata Aanaa Amboo biratti ni-mul'atu.Kanaaf,ragaa armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

- (3B) *Dubartiin baratee jechuun maatiin barate jechuudha.
Dubartii barsiisuun hawaasbarsiisuudha.
Dubartiin yartuu hin qabdu.
Niitiin gaariin dhirsaaaf kafana.
Dubartiin si'eettiin dabeesa goota taasisti.*

Dubbiin Afaanii dubartiin jirufi jireenyaa ishii keessatti, jireenya jiraattuu keessatti, akkasumas jireenya hawaasaa keessatti, maatii waliin jiraattuu keessatti beekumsa qabaachuu ishii deebii od kennitoota irraa gaafa guyyaa 24/8/2010 afgaaffiin addee Abbabachi Midhaqsaa fi warra kaan irraa argameedha. Haaluma kanaan gaaffii dubbii afaanii ga’oomsuu keessatti dubartii beektuun maaliin akka adda baatu gaafatamaniin, deebiisaanii haala kanaan ibsau: “Dubartiin baratee jechuun maatiin baratee jicuudha.” Akka dubbii afaanii kana irraa hubatamuutti dubartiin jalqaba ofii ishii beekumsa argatteen beekaa ofi taasisti, itti aanuun mana ishiifi maatii ishii akka beekumsa ishiitti jijjirti, achii ijoollee ishii haal fayya qabeessa ta’een kunuunsuun qulquullina mana fi qa’ee akkasumas kan ijoolleeshii eeguun beekumsa ishii hijii irra oolchiti . Kana irra darbee hawaasa naannoo ishii illee karaa itti tooleen barsiisuu fi gorsuun hawaasa jijjiruu dandeessi. Kanaaf gocha ishii kana ol’kaasuuf dubbiin afaanii itti fayyadamanii ‘ Dubartii barsiisuun hawaasa barsiisuu dha.’ jechuun yaada dabalata af gaaffi addee Daadhoo Fakkansaa waliin taasifaeen argamedha. .Akkumaa dubbii afaanii kana irraa hubatamu, dubartoonni baay’inaan yoo baratan hawaasni akka barateetti waan fudhatammeef dha. Akka yaada kanaatti hawaasa keenya keessatti harki caaluu dubartootaa waan ta’aniif dubartoonni caalmatti barachuun immoo hawaasaaf bu’a guddaa waan qabuuf ta’uun irraa hubatameera.

Itti aansuunis qoodafudhattoon qorannoo kana beekumsaa dubartootaa ibsuuf, “Dubartiin yartuu hin qabdu.” Kana jechuun dubartiin maalummanuu akka hin tuffatamneefi *waan hundaan* dhirootayyuu caaltee waan argamtuuf. Yaada kana cimsuun ga’eesonni marii garee irratti argaman (obboo Mirkana Lataa, obboo Tolaa Baadhadhaa, obboo Caalchisaa Beeksiisaa, obboo tarressaa Shaneefi obboo Kumalaa Dhaabaa) waliim taasifameen argameedha. dubbii afaanii armaan gadiittis akka dhimma bahamuu ibsaniru. “Niitiin gaariin dhirsaa kafana.” Fi “Dubartiin si’eettiin dabeesa goota taasisti.” Yaanni kunis, haatimana mudaa dhirsashii golgiti kan jedhuufi dhiira daboaroo ykn soodaataa ta’e malafi tooftaa qabduun akka inni onnee horatu taasiisuurratti gahumsa olaanaa waan qabuuf, kumsa ishii kana ibsuuf dubbii afaanii kanatti dhimmabahameera.

Walumaagalatti dubbii afaanii kana keessatti wanti ubannuu dubartiin barachuun maatiin hundi barachuu ,hubartoonni barachuun immoo biyyi barachuu ta’ufi biyyi barachuu immoo beekumsa isaaniin waa hunda jijjiruu akka danda’anii irraa hubatameera.

2.4.3.3 Abshaalummaa Dubartoota Ibsuuf Mul'isan

Fayyadama afaanii Abshaalummaa dubartootaa agarsiisan Uummata Aanaa Amboo

biratti ni mul'atu. Kanaaf, amma ragaan armaan gadii ilaalamuu nmi danda'ama.

- (3C) *Haati gamni ilmoo ishii bishaan biratti guddifti.*
Dubartiin abshaalummaaaf, dhiirri humnaaf.
Dubartiin dhiiraan moorkituu harka isaatti hin haaftuu
Dhiirri yaadaan cinqamuu dubartiin gamnumman furti.
Dubartiin mana qabduu, mala hin wallaaltuu.

Dubartoonni hawaasa keessatti gamnumaan akka beekaman hawaasni garaagaraa ni dubbatu. Haaluma kanaan dubartoonni rakkoo jirufi jireenyaa isaanii keessatti isaan mudatuuf mala garaagaraa fiduun akka ittiin dhimmbahan ni dubbatama.

Dubbiin afaanii armaan gadii akka od-kennitoota Af- gaaffiifi Itti gaafatamtuu Dhimma Dubartootaa Addee Askaalach Qanaasaa waliin gaafa guyyaa 1/9/2010 taasifameen argameedha.

Uummata lafa kana irraa jiraatan keessaa walakkaan isaanii dubartoota ta'uun ni beekama. Dubbiin afaanii kunis, akka armaan gadiitti dubartoota ga'omsuuf ittiin dhiimma bahameer, keessaa "Abshaalummaa dubartii siif haakeenu." Kan jedhu yoo ta'uu, kana jechuun akkuma beekamu, hawaasa Oromoo biratti dubartoonni abshaalummaan beekamu. Kana jechuun dubartoonni jirufi jireenyaa hawaasa faana adeemsisaniin rakkoo isaan mudattuf tooftaa ummachuun osoo hawaasa hin mufachisiin abshaalumman keessaa bahu isaanii agarsiisa. Dubbiin afaaniikunis, dubartoonni abshalummaa akka qaban himuuf dubbii ga'omsuun ibsamedha. Yaada kana kan deegaruun dubbii biraa, od-keennitootarraa argame, "Dubartiin dhiiraan moorkituu harka isaatti hin haaftuu." Dubbiin *inni* afaanii kun immoo maatii keessatti abbaa warraafi haadha manaa ta'ani yoo wal bira jiraatan haacuucuu yoo barbaadee illee tooftaa abshaalummaa qabduun ciimtee harkaa ba'un, mala garaagaraa fayyadamuun of jalatti galchuun yaada isaa jijjirsisuun jireenya isaanii jijjiruu dandeessi jedhamee akka amanamu hubatameera.

Dubartiin tattaafatuu yeroo muraasa booda harka namaas ta'e hirkattummaa irraa ba'u akka dandeessuu agarsiisa Kunis, dubartiin yeroo baay'ee abshaalummaa waan qabduuf jireenya

keessatti tooftaa garaagaraatti dhimma bahuun jiru isaanii yeroo fooyyesan ni mul'ata. Yaada kana od keennitoota af gaafiihirmaatan irraa akka argamee irraa akka hubannutti dubartoonni abshaala ta'uu isaaii ibsuuf dubbii afaanii garaagaraan akkuma fayyadamaa jiran fi yaada kana cimsuuf marii gareean keessatti hirmaatan akkas jedhama jechuun himan. “Dhiirri yaadaan cinqamuu dubartiin gamnuumman furti.” Dubbiin afaanii kun hawaasa Oromoo biratti, dubartiin mala rakkoo furuu akka qabduufi dhiira isaa ishii caala beeka jeedhamuufiyyuu furmaata ta'uu akka dandeessu mul'isa. Ittidabalaniis, dubbii afaanii “Dubartiin mana qabduu, mala hin wallaaltuu.” jechuuniis abshaalummaa dubartootaa ibsuun akka danda'amu eeraniiru. Kana jechuun, dubartiin mana yoo qabaatte, halli jireenyaa ishii hin rakkisu ergaa jedhu qaba. Walumaagalatti dubartoonni hawaasa Oromoo biraatti waan hundaaf furmaata akka taa'an hubachuun nidanda'ama. Fayyadamuun yaada graa isaa keessa jiru akka ittiin ibsatu hubatamera. Kanaaf, hawaasni keenyaa dubbii afaanii kana fi an kana fakkaataniin dhimma bahuun abshaalummaa dubartootaa ibsuuundubartoota ga'omsuu (olkasuun) jajjabeesa akkajiran hubatameera.

4.2.3.4 Kabaja Dubartootaa Ibsuuf Mul'isan

Fayyadama afaanii Kabaja dubartootaa agarsiisan Uummata Aanaa Amboo biratti ni-

Mul'atu. Kanaaf, amma ragaa armaan gadii ilaalamuun ni-danda'ama. Dubartiin hawaasa keessaa qaama tokkoo ta'uun isaanii ni beekama, kanuuma irraa ka'uun dubbii afaanii dubartoota kabajuuf fayyadamnuu akka od keennotoonni eeran akka armaan gaditti ibsameera.

(3D)

Dubartii dura laga hin ce'an.

Dubartiin haamtu hin qabdu.

Abbaan muka alaati, dubartiin utubaa manati.

Irbaata haadha ofii hin tufatan.

Haati manaa uffata keessaati.

Haati manaa abbaa mana ishiif kafana.

Dubbiin afanii karaa garaagaraatiin dubartoota ibsu danda'a. Akka od-kennitootaa af-gaaffiikeessa addee Zannabach Taakkalaa irraa gaafa guyyaa 24/8/2010 argameen , hawaasa Oromoo keessatti kabajaa dubartootaa ibsuuf dubbii afaanii armaan olitti tarreeffamaniitti maayii bahu. “Haati manaa uffata keessaati.” jedhu kabaaja dubartiif qaban ibsuu yaada kana irraa kan hubannuu jireenya

dhiiraaf dubartiin dirqama jiraachuu akka barbaachistii taateefi dhiirri dubartii malee jireenyi isaa hir'uu akka ta'e ibsuur fayyadaman ta'u irraa hubanna.. “Dubartii dura laga hin ce'an,” kunis kabajuma dubartiif sabni Oromoo qaban ibsa. “Dubartiin haamtu hin qabdu.” Kanammoo garalaafummaa dubartii ibsuuf ittifayyadamu. Gama garalaafummaa dubartootaa hawaasa keessatti hirmannaa taasiisaniin cimiina isaanii ol-kaasuun himuuf fayyadama afaanii akkamitiin akka ibsaman gaaffii dhiyaateef, jamaa marii garee keessatti hirmaatan(obboo Gabbisaa Umaa ,obboo Dajanee Biiftuu,obboo Warqina Gonfaa, obboo Tarreessaa Shanee, obboo Lammaa Badhadhaafi Obboo Mirkanaa Gabbissaa) akkas jechuun deebisan. “Dubartiin haamtuu hin qabduu.”Dubbiin afaanii kana keessatti hawaasa keessatti dubartiin karaa irrattis haata'uu bakka garaagaraa nama waa rakkatee argiinaan bira hin dabartuu,sababni isaas garaa isheetiin baatee, ciinsiifatee waan deessuf garaan ishii ni hollata kanaaf garaa namatti itti jabaatuu waan hin qabneef haala kana immoo ilaalcha keessatti galchuun fayyadama afaanii garaagaraan dhimma bahuun dubartoota ga'omsuuf gargaaramu.

Akkuma beekamu, dubartoonni gara laafummaa guddaa qabaachuusaaniirraan kan ka'e, yoo waan namaaf godhanillee dhaban bo'ichaan garalaafummaa isaanii ibsatu. “Abbaan muka alaati, dubartiin utubaa manati.” Kan jedhu keessatti, dubartii utubaadhaan wal madalchisan dhiirrammo muka alati. Manni utubaa malee dhabachuu akka hin dandeenye maatiinis yoo haati bira jiraachuu baatte mana utubaa hin qabne waliin walfakkeessu jechuudha. Muka alallee yeroo tokko tokko bubbeen niraasa; jigsuus ni danda'a. Haata'umalee utubaa mana keessaa yoo namoonni fedhii isaanitiin diigan malee bubbeen hamaanu jigsuu hin danda'u. kun kan mul'isu cimina dubartiin dhiira caala qabdu. Rakkoo kamuu dandamattee jiraachuu dandeessi jechuudha. “Irbaata haadha ofii hin tufatan.” Kan jedhuuf immoo qoodafudhattoon, haati osoo qabduu waan nama hin qoqqobneef, waanti ishiin namaaf kennitu hintuffatamuus; hin jibbamuus. Walumaagalatti, amala dubartiin kallattii adda addatiin qabdu ibsuuf dubbiin afaanii garagaraa akka jirufi isaanis: kabajaaf, garalaafummaa, cimina, jaalala fi kkf ibsuuf olan ibsaniru.

4.2.3.5 Dubartiin Waan Hundaa jechuun Ibsuuf Mul'isan

Fayyadama afaanii dubartiin waa hundaa jedhu yoo ibsamu ,hawaasa keenya keessatti dubartoonni bakki isaan hin hirmannee akka hin jirannee adda baasuun ibsuufi ga'oomsuun dubbii afaanii himamuudha.Kunis marii garee gaafa guyyaa 24/8/2010 argameen mirkaneeffachuu dhiyaateera.

- (3E) *Dubartiin ofii qooqxi; maatii soorti.*
Dubartiin abbaamanaa ishiif gaachana.
Dubartiin haadha, haadha manaadha, ilmoodha.
Dhiirri hadhamanaa hin qabneefi abidda barbaada hin qabne tokko.
Dubartiin qotiyyoo mitii walihin ergisan.
Haadhaafi maqaa hin jijjirani.

Hawaasa Oromoo biratti dubartoonni kabaja guddaa qabu. Kunis aadaan Oromoo sababa cunqursaa gita bittaa mootummaa duraan derbee hin dhufiin dura Ummanni Oromoo sirna Gadaatiin of bilchaa turuunisaanii seenaa darbeefi namoota yeroo sana jiran irraa hubachuun nidanda'ama.Yeroo sana buchinsi gadaa dubartootaaf kabajafi ulfiina guddaa kennaa akka tureefi ammas kabaja keennuun barbaachisaa ta'eetti fudhatama .Kun immoo dubartoota ga'omsuu agarsiisa . Yaada kana ilaalchisee maanguddoo af gaaffii keessatti hirmaatan Obboo Kumalaa Dhaabaa Gaafa Guyyaa 24/8/2010 Gaaffii akkas jedhuu gaafatamaniif, hawaasa keenya keessatti sirni Gadaa dubartootaa ga'omsuu irratti gahee maali akka qabu, Deebii yoo kennan akkas jedhan.Sirna Gadaa keessatti dubartiin Siiqee Qabateettii yoo ta'e ishii dursanii hin qaxxamuran, ija hamman hin ilaalan, itti hin dheekaman,ishii dura laga hin cehan,meeshaa ishii nama biraaf hin ergisan,ishii dura hin ta'an ,wajjin dinqa hin seenanfi kkf jechuun ibsan . Kun kan ta'uuf ummanni Oromoo ulfina Dubartootaaf qabuu fi aadaa,duudhaa saba sanaa hundi bu'uurri dubartii waan taateef jechuun deebaniiru.

Yaada kana sirritti bilcheessuuf marii garee hundatti hirmachisuun yaada waliigala irratti gahameen dabaree dabareen naaf ibsaniiru .Kunis akka armaan gaditti qaacceefameera. “ Dubartiin haadhaa.”kana jechuun ji'a sagal guutuu garatti baatee rakkoo ishii mudatee hunda danda'uun

erga turtee booda akka hin ta'in taatee deessee rakkoo garagaraan dabarsuun haadha hundaan waan wal fakkataniif dubartiin haadhajedhama.

“Dubartiin haadha manaa taati.” Dubartiin kam iyyuu erga guddatee booda haadh manaa nama biraa taati kanaaf, dunartiin ...“Yeroo siif tumsiituu obboleettii kee fakkatti.” Kun immoo kan ibsu mirga namaaf dhimmamtuu ta'u ishii agarsiisa. “Yeroo alaa duddubbatuu olla fakkatti.”kana jechuun waan baduufi waan toluu sirrtii hordoofuun waan himtuuf.

“Yeroo ilmoo siif deessuu gosa kee siif taati.” Dubbiin afaanii kun dura akka alaagatti kan wal argan ilmoon yoo argamuu garuu caala gosa ta'un ibsuuf, ittifayyadamaniidha.

Walumaagalatti fayyadama afaaniin eenyummaa dubartootaa ibsuuf dubbiin afaanii dhimmaa itti bahamee kun karaalee maalummaa funaansa ragaa af- gaaffiifi marii garen adeemsiifameen mataduree kana hamma danda'ameen qaacceeffamee dhiyaateen ka'ameera.

Boqonnaa Shan: Cuunfaa Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana keessatti Cuunfaa ,Argannoofi Yaboo qorannichaa meeshaalee funaansa ragaa gosa addaddatiin funaanamantuu cuunfamee dhiyaata. Kunis, qorannichaa irratti hunaa'anii yaadota bu'uureeffachuun kan raawwatamuu ta'a.Kanamalees, fayyadamni afaanii eenyummaa dubartootaa mul'isan keessatti agarsiifamee jiru maal akka fakkatuu adeemsa qorannichi

keessa darbee cuunfaa keessatti ibsama.Itti aansuun argannoofi yaboon qorannichaa duraaduubaan dhiyaataniiru.

5.1. Cuunfaa Qorannichaa

Qorannichi boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaatee yoo ta'u, baqonnaa tokko keessatti Afaan Oromoo koorniyaa keessatti fayyadama afaanii garaagaraa jiraachuu isaaniifi bakkatti fayyadamufi irratti hundaa'uun garaagarummaa afaanii akka uumamuu ibsame jira.Kaayyoon qorannoo kanaas,fayyadama afaanii dubartootaa mul'isan Aanaa Amboo keessatti maal akka fakkaatu qaaccessun rakkoleen dhimmota fayyadama afaanii tiin wal-qabataniifi dubbii afaanii faana hidhata qaban furmaata kaa'uuf gaggeeffamuun ibsameera.

Boqonnaa lama keessatti immoo haala fayyadama afaaniin wal-qabataniifi sakatta'aa barruu wal-fakkii gaggeefameera.Kunis,Yaadawwan maalumma afaaniifi fayyadama afaaniin hidhata waliin qabaniin dhiyaataniiru.

Boqonnaa sadaffaa keessatti malli qorannoo iddattoo funaansa ragaafi qaacceessi qindaa,ee jira. Malla qorannoo akkamtaatiin fayyadamuun qaamole barbaachisoo ta'an hirmaachiseera. Dhimma kana galmaan ga'uuf malleen funaansa ragaa tokkoffaatti hojii irra olaaniiru. Isaanis Af-gaaffifi *marii* garee fa'i. Boqonnaa afur keessatti immoo iddoo ragaaleen bifa garaagaraa funaannaman bifa jechaan qaacceeffamanii dhiyaataniidha. Dhimmonni waliin ta'ani qaacceessi irratti gaggeefamees dubartoota Aanaa Amboo haala fayyadama afaanii ga'eesoota, maanguudoota ,dargaggotaafi dubartootaa hawaasa keessatti mul'atu bu'uura godhachuun qaacceessuuf yaalameera.Bu'aan argannoo kanaas haala armaan gadiitin ibsameera.

5.2. Argannoo Qorannichaa

Akkuma beekamuu ummanni Oromoo itti fayyadama afaanii wantoota garaagaraa ittin ibsatu kan mataa isaa akka qabuu beekamaadha. Haaluma kanaan gandoolee aanaa Amboo, kanneen qorannoon kun itti gaggeeffamettis dubbii afaanii garaa garaatti fayyadamanii afaaniidubartootaa mul'isuuf ibsni ragaa qoranichaarraa hubachuun danda'ameera. Qorannoon kun kaayyoowwan ittifayyadama afaanii eenyumma dubartootaa ijaaran ibsuu keessatti, ergaa dubartootaa mul'isan adda baasuufi dhiibbaa fayyadamni afaanii dubartootaarratti qabu addan baasuu yoo ta'u, argannoowwan kaayyoo kana galmaan ga'an akka armaan gaditti dhiyaataniiru. Hawaaa keessatti ittifayyadama afaanii dubartootaa ibsan keessatti gadaantummaa dubartootaa kannen ibsan hedduu akka ta'an qorannoo kana keessatti ibsamera. Fakkeenyaaf, walaalummaa, dadhabummaa, hogansaafi siyaasa, qusannaa walaaluufi gowwummaa yoo ta'u, dubbii afaanii kana keessatti dhiibbaa karaa hawaasummaafi xiinsamuu dubartootaa irratti geessisaa turanfi ammas darbee darbee mul'achaa jiru kun haamilee akka tuqukeekuun danda'ameera.

Ittifayyadama afaanii walqixxummaa dubartootaa ibsanirrattis yaadni bal'aan jiru qorannoo kana keessatti ibsameera. Kanneen keessaa muraasni cimina, hoggansa, hawaasumma, siyaasaafi abshaalummaa akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

Qorannoo kana keessatti, ittifayyadama afaanii dubartoota ga'oomsuuf ittifayyadaman baay'een akka jiran bal'inaan ibsamaniru.

Kanneen keessaa muraasni, barbaachisummaa, beekumsa, abshaalummaa, kabajaafi, dubartiin waan hunda.

5.3. Yaboo

Rakkoolee dubbii afaaniitiin walqabate qaaccessuudhaan yaanni “osoo akkas ta'ee” jedhu akka armaan gaditti dhyaateejira. Ittifayyadamni afaanii dubartootaa mul'isanirratti qacceessa qabiyyee taasifameen qorattuun akka yaada furmaataatti kanneen armaan gadii lafa keesse jirti.

- Yeroo baay'ee dubbii afaanii keessatti, laafina ykn dadhabina dubartootaatu baay'inaan dubbatamaa ture. Yeroo ammaas darbee darbee jiraatuus, fooyya'insi mul'achaa waan dhufeef, dhalattoonni amma “qubee generation” maalirraa ka'ee akka as gahe akka

beekaniif karaa waan banuuf, sabni Oromoo dubartootaaf ilaalchaa guddaa qabaachuufi dhiibbaan karaa hawaasummaafi xiinsamm uu dubartootaa irratti mul'achaa ture sun walfaana akka dhabamuu dhalootas ta'e hawaasa qaamni ilaalatuu hunda hubachisuu qaba.

- Hawaasnis ta'ee dubartoonni ittifayyadama afaanii walqixxummaa isaanii ibsanirratti ciminaan osoo hirmaachisani, waajjirri dhimma dubartootaa mata duree kanarrattii gadi fageenyaan qorannoo gaggeessuun dubartootaa mul'isuuf ibsuun hamilee dubartootaa keessumattu dubartoota baadiyaa jajjabeessuufiyaada duubatti hafaa qaban hambisuuf ittin barsiisuun filatamaa ta'a.
- Dubbii fayyadama afaanii dubartootaa mul'isuuf ibsan baay'inaan ittifayyadamuun dubartoonni hojii kessaattis ta'e biyya bulchuu keessatti dhiira kamiinu qixa ykn caala hojjachuu akka dandeessu hawaasa barsiisuun ykn ilaalchi yeeraa namoonni dubartootaaf qaban akka jijjiramuufidubartootaa leenjisuun qaamni dhimmi ilaalatu kamiyyuu irratti hojjachuun jijjiramni akka dhufuu taasisuudha.
- Walumaagalatti,hawaasa Aanaa Amboo,mootummaa,Waajjira Dhimma Dubartootaafi Dhalatoonni qaamni ilaalatu hundi akka barbaadameen yaboo itti kenname kana osoo ittiddhimmamee caalatti hojitti hiikeefi isa hinbarbaachisne gataa hambisuuf hunduu kutannoon hojjachuu akka taasisuuf carraquu gaafata..

Wabii

- Addunyaa Barkeessaa, (2010). *Natoo Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*: Finfinnee: Mega pyiniting press.
- _____ .(2011), *Akkamtaa Yaadrimee Qorannoo Hujoo*.Finfinnee: Efficency Printing Press.
- _____ (2014) *Semmoo Bu'uura Qorannoo:Afaaniifi : Afaan Oromoo*. Finfinnee Far East Trading PLC. Perspective.
- Almaaz , (1991). “on center and development,gender issues in Ethiopi:
Institute of Ethiopian studies” Addis Ababa University ,Addis Ababa.
- Blarkless et al. (1994).” How Sexually D imorphic are we? “Review and Sentences: Americal Journal of Human Biology. No.12. 151 –166
- Clark, H. (1996). *Using Language*: Combridge. University, Press.
- Cooper, L.Rand N. F. (1976). ‘’Language in the Court.’’In Bender, M.L, et al(eds) Language in Ethiopia. London ;Oxford University . Press, 256-263.
- Cress well.J.W.(2003). *Research design :Qualitative and mixed method approaches*, (2nded).Thousand oaks.CA;sage.
- DastaaDassalanyi.(2003).*Bu'uuraQorannoo*:AddisAbabaa,Finfinnee
- Dirribii Damiise .(2012). *Ilaalcha Oromoo*: .Finfinnee; Barroo Aadaa, Seenaa Amantaa Oromoo
- Fishman J.A. (1971) *The Relation Ship Between Micro and Macro Socio-linguiStics in the study of who speaks what Language to whom and when* in Pride.J Brork.Oxford University Press.
- Gammachis Zawduu (2016) ‘’ Xinxala Haasbaruu Fayyadama Afaanii Mana Murtii Aanaa Hidhabu Abootee, Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa kan hin-
- Giddons,A. (1999). *Runaway world:How globalization is rshanrog our lives*,London:Profile Books.

- Hirut. T(2004) *Vidence Against Women in Ethiopia* :A strong case of civil society concern. maxxafamnee, Finfinnee
- Hudson .R.A . (1996). *Socio- Linguistics* (2n ed.0 Cambridge; Universty Press.
- ILO. (2000) . *ABC of Woman Workers: Rights and Gender Equality* Gender Equality: Geneva. (kan hin- maxxanfamne).
- Halliday, M.A. (1994). *An Introduction to Functional Grammar* .(2nd edition) London Amoid.
- Hodge.B & Kress. (1993). *Language as Ideology* (2nd Ed): London and NewYork: Routledge.
- ILO.(2000).*ABCof Women Worker'swrite and Gender Equatiy*Gender Equality:Geneva.
- Lakoff.R. (1975). *Language and Women Place.*: Newyork, Harper and row Speech.
- Muyskan. Pieter . (2000) . *Bilingual; Aypologyof code* .Mixing Cambridge Cup
- Maanuwaalii (2008) “Waajjira Dhimma Dubartoota”: Go/Sh.LI/Aanaa Amboo.
- Nimoonaa.(2003).”YaadriNamoomaafi seenaa Gudina Isa”; Finfinnee,kan hin-maxxfanamnee.
- Penelope,J. (1990) *Speaking ,Freely UnLearning the lies of the Fathers*. Tougues: Newyork; Pentagon.Press.
- UN .(2000). *The word's Women* :Trends and statistioes, Newyork ‘United Nations Statistics division.
- Victor. (2009). *Research Design and Methods for Studing Culculture*: Newyork; Altamira.
- Waldaa Dubartoota Seera ItoopIyaa. (1997). “Gochoota Aadaa Dubatti Hafaa Ilebassuuf akka ilaalcha Seera “Itiyoopiyaa.
- Walff,E.(2000): *Language and SocityIn Heine,B,and Nurse,Dless.Afrikaan Languaghes*:an Introduction,combridga Universitu press.
- Yawayi xajji Daamxoo. (2016).” Qaaccessaa Qabiyyee Mammaksoota Oromoo Cimiina Dubartootaa Ibsan:”Qorannoo hin maxxanfamnee. Finfinnee.
- Yoomiyyuu. (2015). : Finfinnee,Oromoo

DABALEE A

Dubbiin armaan gadii barreeffaman kun gaaffilee af-gaaffii fi mariigareen argamanii walitti qabamanii Ka'amani dha.

DABALEE A

(1A)

*Dubartiifi harataan dinqatti bareedu.
Lukkuun bararteefi dubartiin baratee
essayyuu hin-geessu.
Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabdu.
Beekumsi dubartii dinqaa olii.
Beekumsi dubartii dinqaa oli.
Dubartiin qoonqoo tolchiti malee dubbii hin tolchitu.*

(1B)

*Dubartiifi harreen uleen biraa dhabammaan
bineensa jalaa hin galtu.
Dubartiin beekaa dhaltii malee
Dubartii shantamaa irraa dhiira tokko wayya.
Bakka dubartiin baay'attu raafuun hinbilchaatu.*

(1C)

*Abboomiin dubartuu karra cufaa oolchaa.
Beekumsi dubartii dinqaa oli.
Dubartiindakaa malee daangaa hin qabdu.
Dubartiin dhimma dhiirsaa malee
dhimma daangaa hin qabdu*

(1D)

*Arguu itti haaraa, dhabuu ittannaa
Bori hin beekneen qooda buukoon ishii lama.
Akka ofii malee akka oolaa hin bulan.*

*Waan uffattu hin qabduu kah haaguggattuu hawwiti.
Akka abaluun sirbaa morma nama jallisa.*

(1E)

*Dubartiin tokkicha abaaramnaan
deebistee of abaaraa oolti.
Waraqaa fi dubartii gowwaan waan
qabatan gadhindhiisan.
Dubartiin garaa laaftuu garaa duwwaa
mana hin baatuu.
Gara laafeettiin obbooleetti obboleessaaf ulfoofiti.*

(2A)

*Dhiira cimaa booda dubartiin ciimtuun jirti.
Dubartiifi dugdaan lafaa ka'uu*

*Garaa haadhhfi dhaddee olla baata.
Haadhaafi lafatu nama danda'a.
Abbaa manaa dureesaa manna
haadha iyyeetti wayya.*

(2B)

*Qabsoon dubartiin keessatti hin hirmaannee
fixaan hin ba'u.
Hojjin hirmannaa dubartoota malee taasifamuu
hin jiru, jiraatus galman hinga'u,
Gaheen dubar ii gola hanga waltajjiiti.
Yeroon wal-qixaa kottaa biyya bulchiinaa.
Hojii Hawaasummaa keessatti mul'isan*

(2C) *Hojiin dubartiin qooda hin fudhannee ittoo soogidda hin qabneti.
Haamileen dubartii yoocabee haamilee maatiifi biyaatu cabaa.
Dubartiin ittoo jireenya dhala namaati.
Bakka dubartiin hin jirree dukkana golgadha.*

(2D)

*Qabsoon dubartiin keessatti qooda
hin fudhannee fixxan hinba'u.
Biyyi ofii haadha ofiiti.
Hojji kam iyyuu hirmannaafi deegarsa
dubartii malee hin taasifamu.*

Qabsoon dubartiin keessa hin jirnee hin milkaa'uu

(2E)

*Humna kee humna bishaanii, mala kee
mala dubartii siif haakennuu.
Waaqayyoo abshaalummaa dubartii siif haakeennu.
Kan dubartiin ergite du'a hin sodaatu.
Dubartii malee abiddi hin booba'u
Dubartiinmalahindhabdumanaoneho'isti.*

(3A)

*Manni dubartiin keessa hin jirne hin tolu.
Manni dubartiifi loon keessa hin jirree hin ho'u.
Dubartiin mi'eessituu dhala namaati.
Haati daalattii hin qabdu.
Dubartiin si'eettiin dhirsaa gootomsit.
Haatifi qarshiin moofaa hin qabdu.*

(3B)

*Haatifi bishaan badduu hin qabdu.
Dubartiin baratte jeechuun
maatiin barate jeechuudha.
Dubartii barsiisuun hawaasa barsiisuudha.
Dubartiin yartuu hin qabdu.
Niitiin gaariin dhirsaaaf kafana.*

Dubartiisi 'eettiindabeesagootataasisti.

(3C)

Haati gamni ilmoo ishii bishaan biratti guddifti.

Dubartiinabshaalummaaf,dhiirrihumnaaf.

Dubartiindhiiraanmoorkituuharka

dhiiraattihinhaaftu.

Dhiirri yaadaan cingamuu dubartiin

gamnuumman furti.

Dubartiinmanaqabduu,malahinwallaaltuu

(3D)

Haadhaafi aduuree hin dhaanan.

Dubartii dura alag hince'an

Dubartiin haamtu hin qabdu.

Abbaan muka alaati, dubartiin utubaa manaati.

Irbaata haadha ofii hin tufatan.

(3E)

Dubartiin ofii qooqxi; maatii soorti.

Dubartiin abbaamanaa ishiif gaachana.

Haati manaa uffata keessaati.

Dubartiin haadha, haadha manaadha, ilmoodha.

Dhiirri hadhamanaa hin qabneefi abiddi

barbaada hin qabne tokko.

Dubartiin qotiyyoo mitii walihin ergisan.

Haadhaafi maqaa hin jijjirani

DABALEE B

Yuunivarsitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qoannoo Afaanoota, Jurnaalizimii fi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Hog-Barruu fi Fookloorii

1. Afgaaffii

Naannoo Oromiyaa Godina Dhiha Shawaa Aanaa Ambootti Fayyadama Afaanii Eenyummaa Dubartoota Mul'isan ilaalchisee Af-gaaffii dhiyaatedha.

Seensa-Afgaafiin kun kan qophaa'ee Dubartoota irratti ergaan hawaasichaa keessatti dabarsaa turefi amma dabarsaa jiran, yoomessa akkamii keessatti akka raawwatamanii fi yeroo amma gochi fi dubbi sadarkaa maal irra akka jiru xinxaluun qaacceeefama.

Kabajamoo od-himoota hanga isinii dandaaa'ameetti odeefannoo(deebii)naaf kennitan ifaafi guutuu akka ta'uu jechaa ,deegarsi isiin naaf gootan fixaan bahumsa qorannichaaf murteessa waan ta'eef durseen isiin galateefadha. Sodaa tokko malee bilisan yaada keessan akka qooddan kabajaan isiin gaafadha. I Odeefannoo Dimshaashaa I.1 Maqaa Saala: Dhii Durba

1.2 Umurii Sadarkaa barnootaa- Lakk. Bilbiila-----

1.3 Ganda ----- Gooxii Garee

1.4 Gaa'ila kan raawwatee/kan fuudhe umtee Hinfuunee Hin heerumnee
Hojjataa mootummaa daldaala Kanbiroo

II Odeefannoo Qorannichaa

1. Hawaasni keenyaa ilaalchi koorniyaarratti qabu maal fakkaata ?
2. Gaheen hojii dhiiraafi dubartii hawaasa keessatti akkamitti ijaaramuu danda'a?
3. Dubartoota ibsuuf akkaata itti fayyadama afaanii hawaasa kana maa fakkaata?
4. Hawaasa keenyaa keessatti Dubartoonni hammam mirga qabu?
5. Wantoota mirga dubartoota dhorkan maal maal fa'i?
6. Sababa dubbii afaaniin mirga duartoota tuqan maalmaal fa'i?
7. Dhibbaan dubbii afaaniin dubartoota midhan mirga isaanii tuqu maalii?
8. Fayyadama afaaniin faayidaafi dhiibaa dubartoota irratti mul'atuuxiinsammuu hawaasummaa irratti fidu maal? maal fa'i?
9. Walumaagalatti yeroo duriifi yeroo amma wal dorgomsiiisuun garaagarummaafi tokkummaa, ilaalchi hawaasniifi mootummaan dubartootaaf qabu sadarkaa maal irra akka jiru yaada isiinitti dhaghamee gara fuulduuraatti ga'oomsuu qabnuu qabna jeettan naafibsaa.



Suura(1) Gaafa 24/8/2010 Yeroo Obboo Dajanee Biiftuu faanaYeroo Af- gaaffiin adeemsiifamuu,



Suura(2) Addee Zannabach Baqqalaa faana Gaafa Guyyaa 24/8/2010 Af- gaaffiin adeemsifamee



Suura(3) Addee Daadhoo Fakkansaa faana gaafa guyyaa 24/8/2010 gaafii Af-gaaffii adeemsifame



Suura (4) Obboo Kumalaa Dhaabaa faana gaafa 24/8/2010 gaaffii Af- gaaffii adeemsifamee



Suura (5) Addee Dasii Araarsoo faana gaafa guuyaa 24/8/2010 gaafii Af-gaafii adeemsifamee



Suura(6) Addee Abbabach Midhagsaa faana af-gaaffiiigaafa guyyaa 1/9/2010 taasifame

DABALEE C

Marii Garee

Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejii Namummaa Qo'annoo Afaanoota Jurnaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Hog-barruufi Fookloorii Odeefannoo Dimshaashaa

2.1 Maqaa _____ Saala: Dhiira _____ Dhalaa _____

2.2 Umurii _____ Sad .barnootaa _____ Bilbiila _____

2.3 Ganda _____ Gooxii _____ Garee _____

2.4 Gaa'ila: kan fudhee _____ Heerumtee _____ Hin fuunee _____ Hin-heerumnee _____

2.5Hojii;Qoteebulaa _____ Daldaala _____Hojjataamootummaa Kanbiraa _____

II Gaafilee Dimshaashaa

- 1. Dubbii afaaniin fayyadamuun gad-aantummaa dubartoota ibsuuf itti gargaaramankan akkamii ture?*
- 2. Yeroo amma akka durii dubbii sana ni fayyadamtuu?*
- 3. Jijjiramni kun akkamitti dhufuu danda'ee/*
- 4. Gaheen dubartii mana tokko keessatti qabdukan dhiiraa faana wal-qixa moo miti?*
- 5. Hawaasni yeroo amma naannoo kanatti ilaalchi dubartootaaf qabu maal fakkaata?*
- 6. Dubartoonni akka warra dhiiraa hojii kam iyyuu hojjachuu nidanda'uu jettanii yaadu?akkammitti?*
- 7. Gaafilee kana irraa kaatanii hawaasni naannoo keenyaa ilaalchi dubartootaaf qabu maal ta'u qaba jettani yaaddu?*
- 8.Dubartoot gahoomsuu irratti gaheen irra caalaa kan eenyuuti?*
- 9. Yeroo amma jijjiramni mul'atuni jira?Dhiibbaan fayyadama afaanii tuqu jira?*



Suura (7) Yeroo garee xiqqaa faana gaaffilee marii garee gaafa guyyaa 1/9/2010 adeemsifamee



Suura(8) Yeroo dubartoota faana marii gareegaafa guyyaa 1/9/2010 adeemsifamee



Suura(9) Yeroo ga'eessoota faana marii garee gaafa guyyaa 24/8/2010 adeemsifamee



Suura (10) yeroo garee bal'aa faanamarii garee gaafa guyyaa 24/8/2010 adeemsifamee



Suura(11) Yeroo marii garee xiqqaa faanahaafa guyyaa 24/8/2010 adeemsifamee

DABALEE D

Maqaa Od-himtoota Af-gaaffii qorannichaaf filataman

| <i>T/L</i> | <i>Maqaa od-himtoota</i> | <i>Umurii</i> | <i>Sad.Bar.</i> | <i>Hojii</i> | <i>Guyyaa</i> | <i>Yaada</i> |
|------------|---|---------------|-----------------|--------------|----------------|--------------|
| 1 | <i>Obboo Dajanee Biiftuu Giisoo</i> | 84 | – | <i>Q/b</i> | 24/8/2010 | |
| 2 | <i>Addee Zannabach Baqqalaa</i> | 55 | 4 | <i>Q/b</i> | “ | |
| | <i>Obboo Kumalaa Dhaabaa</i> | 48 | 6 | <i>Q/b</i> | “ | |
| | <i>I/G Dhimma Dubartootaa Addee AskaalachQanaasaa</i> | 42 | 3 | <i>H/m</i> | “ | |
| | <i>Addee Abbabach Midhaqsaa</i> | 70 | 2 | <i>Q/b</i> | 1/19/2010 | |
| | <i>Addee Dasii Araarsoo</i> | 80 | – | <i>Q/b</i> | 24/8/2010 “ | |
| | <i>Addee Xajjituu Iddoosaa</i> | 65 | 2 | - | 24/8/2010 “ | |
| | <i>Obboo Lammaa Badhadha</i> | 78 | 6 | <i>Q/b</i> | “ | |
| | <i>Addee Daadhoo Fakkansaa</i> | 62 | – | <i>Q/b</i> | “ | |
| | <i>Addee Xajjituu Iddoosaa Warquu</i> | 48 | 2 | <i>/M</i> | “ | |
| | <i>Obboo Gabbisa Uumaa</i> | 45 | 7 | <i>Q/b</i> | “ | |
| | <i>Obboo kumaa Faajii Araarsaa</i> | 35 | 10 | <i>Q/b</i> | “ | |

DABALEE E

Maqaa OD-himtoota Marii garee odeeffannoo Kennan

| <i>T/L</i> | <i>Maqaa od-himoota</i> | <i>Saala</i> | <i>Umurii</i> | <i>Sad. Barnootaa</i> | <i>Hojii</i> | <i>Guyyaa</i> |
|------------|----------------------------|--------------|---------------|-----------------------|--------------|---------------|
| 1 | -Obboo Kabaddaa Qalbeessaa | DHI | 70 | 6 | Q/b | 26/8/2010 |
| 2 | Obboo Kumaa Haata'uu | " | 60 | 4 | Q/b | " |
| 3 | Obboo Tarreessa Shanee | " | 79 | - | Q/b | " |
| 4 | Obboo Warqinaa Gonfaa | Dha | 72 | 4 | Q/B | " |
| 5 | Obboo Gabbisaa Uumaa | " | 52 | 8 | Q/b | " |
| 6 | Obboo Mul'ataa Dhaabaa | " | 65 | 7 | Q/b | " |
| 7. | Obboo Lammaa Badhaadhaa | Dha | 79 | - | I/M | " |
| 8 | Obboo Baqqalaa Jifaar | " | 70 | 2 | Q/bB | " |
| 9 | Obboo Caalchisaa Birhanuu | " | 55 | -- | Q/b | " |
| 10 | Addee Askaalach Qanaasaa | Dha | 55 | 12+TTI | H/m | |
| | Obboo Mirkanaa Gabbisaa | Dhi | 54 | - | Q/b | |
| 12 | Obboo Gabbisaa Uumaa | Dhi | 48 | 8 | Q/b | |
| 13 | Addee Qabanee Waltajjii | Dhi | 26 | 10 | - | |

| | | | | | | |
|----|-----------------------------|-----|----|----|------|--|
| 14 | Addee Abbabach Midhaqsaa | Dhi | 70 | 2 | Q/b | |
| 15 | Addee Bizunash Magarsaa | Dhi | 63 | 6 | H/m | |
| 16 | Addee Geedoo Gammachuu | Dhi | 48 | 8 | H/dh | |
| 17 | Addee Hawwii Maadeessaa | Dhi | 27 | 10 | - | |
| 18 | Addee Kiisee Tarfaataa | Dhi | 55 | 6 | H/dh | |

DABALEE F

*Jechoota fayyadama afaaniin mul'atan Mammaksaafi jechamota
Maqaa Gandaa Aanaa Amboo Keessatti Argaman keessaa filaman*

1. Awwaroo Qooraa

2. Qooraa Baallaa

3. Ilaamuu Muujjaa fa'i.

Waraqaa Mirkanneeffann

Qorataan maqaafi mallattoo koo armaan gadii eeramee kun waraqaan qorannoo
Kun hojii dhuunfaa kootii ta'usaa fi yaadowwan qorannoo kanaaf hundaa isaanii wabii
Keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessera

Maqaa Qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa 25/12/2010 YKN. 2018 _____

ANI DR. _____ barattuun kun hojjin